

**XIINXALA QABIYYEE QOPHII QORAASUMAA RAADIYOO
ITOOPHIYAA SAGANTAA AFAAN OROMOO**

ABDULMANNAAN IMAAM ALAMUU

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTII GAMISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU
FOOKLOORII**

**KOOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

**XIINXALA QABIYYEE QOPHII QORAASUMAA RAADIYOO
ITOOPHIYAA SAGANTAA AFAAN OROMOO**

QORATAAN, ABDULMANNAAN IMAAM ALAMUU

GORSAAN, TOLEMAARIYAAM FUFEE (PHD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII QUUNNAMTII GAMISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFII
FOOKLOORII**

**KOOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

Axereeraa

Qorannoon kun Xiinxala qabiyyee qophii qoraasuma raadiyoo Itoophiyaa irratti kan adeemsifameedhe. Kunis boqonnaa afuritti qoodamee kan dhiyaatedha. Innis boqonnaa tokko keessatti seensa, Seenduubee qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoo qorannichaa jelatti; kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree qorannichaa daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi malafi saxaxaan qorannichaa kan dhiyaatudha. Boqonnaa lama jelatti sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkiitu dhiyaate. Sakatta'a barruu yaadrimee jelatti ibsa raadiyoo tamsaasaa, hiika sagantaa raadiyoo, haala dhiyeenya unka sagantaa raadiyoo, haala xiinxala qabiyyee sagantaa raadiyoo, faayidaa sagantaa raadiyoo jelatti: barsiisuu, bohaarsuu walitti dhufeenya uumuu, odeeffaannoo kennuufi sakatta'a barruu walfakkiiti. Boqonnaa sadii jelatti qaaccessaafi xiinxala ragaalee kan dhiyaatedha. Kunis haala hundeeffama qophii qoraasuma, haala dhiyeenya unka qophii qoraasuma, kaayyoo qophii qoraasumafi qabiyyeen qophichaa kan xiinxalamaniidha. Boqonnaan afur immoo cuunfaa argannoofi yaada furmaataa qabatee kan dhiyaateedha.

Galata

Waan hundumaa dursee bu'aa bayii hundumaa keessa nabaasuun/dabarsuun rakkoo hundumaa nadandeessisee/nadandamachiisee kan bakka kanaan naga'ee, qorannoo kanas akkan adeemsisee/geggeessee galmaan gahuuf kan nagargaare Rabbiin galanni guddaan naaf hagahu. Itti aansuun qarshiifi dandeetti/hamilee hundumaan nabira dhaabachaa, nagargaara kan turaniifi jiran abbaako obbo Imaam Alamuufi haadha kiyya aadde Alaqaa Suleen carraa kanaan onnee kiyyarraa galateeffachuu barbaada. Inni biraan tuffii tokko male naamusa gaariin nasimachaa akkan qorannoo kana geggeesuun/adeemsiisuun galmaan gahuuf kan najajjabeessaafi naqajeelchaa turan, barsiisaafi gorsaako Tolemaariyaam Fufaa (PHD)n onnee kiyyarraa galateeffadha. Kana malees gaazexeessitoota raadiyoo Itoophiyaa sagantaa afaan oromoo irra hojjetan kanneen odeeffaannoo dhimma kanaaf naaf kennan hedduun galateeffadha.

Jiibsoo (Hiika jechootaa)fi Gabaajee

EMMP	Ethiopia Mass Media Profile
MMD	Mass Media Dictionary
A.L.A	Akka Lakkoofsaa Awrooppaatti
A.L.I	Lakkoofsaa Itoophiyaatti
KKF	Kan kana fakkaatan
WKF	Waan kana fakkaatu

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereeraa	i
Galata	ii
Jiibsoo (Hiika jechootaa)fi Gabaajee	iii
Baafata	iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	2
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2. Kaayyoo Gooree	5
1.4. Faayidaa Qorannichaa	5
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	6
1.7. Malaawwan Qorannichaa.....	7
1.7.1. Madda Ragaalee Argame.....	7
1.7.2. Tooftaalee Qorannichaa.....	8
1.8 Mala Iddattaafi Iddatteessuu	8
1.8.1 Mala iddataa	8
1.8.2 Mala Iddatteessuu	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU	9
2. SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE	9
2.1 Raadiyoo Tamsaasaa.....	9

2.2 Hiika Sagantaa Raadiyoo	12
2.3 Haala Dhiyeenya Unka Sagantaa Raadiyoo.....	13
2.4 Xiinxala Qabiyyee Sagantaa Raadiyoo	14
2.5 Faayidaa Sagantaa Raadiyoo.....	15
2.5.1 Barsiisuu	15
2.5.1.1 Aadaa Barsiisuu	16
2.5.1.2 Seenaa Barsiisuu.....	16
2.5.2 Bohaarsuu (Entertainment).....	17
2.5.3 Walitti Dhufeenya Uumuu (Linkage).....	17
2.5.4 Odeeffannoo Kennuu.....	18
2.6 SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII	18
BOQONNAA SADI: SECCAATII RAGAALEEFI XIINXALA	20
3. XIINXALA QABIYYEE QOPHII QORAASUMA	20
3.1. Hala Hundeeffama Qophii Qoraasumaa	20
3.2 Haala Dhiyeenya Unka Qophii Qoraasuma	21
3.3. Kaayyoo Qophii Qoraasuma	22
3.3.1 Bashannansiisuu	22
3.3.2 Barsiisuu	22
3.4 Qabiyyee Qophii Qoraasuma	23
3.4.1 Afaanifi Aadaa.....	23
3.4.2 Seenaafi Ji'oogiraafii	26
3.4.3. Ispoortii.....	28
3.4.4 Heera Mootummaa	30
3.4.5. Ergaa Gabaabaa/SMS/n kandhiyaatu	34

BOQONNAA AFUR:.....	36
4. CUUNFAA ARGANNOOFI YAADA FURMAATA.....	36
4.1. CUUNFAA.....	36
4.2. ARGANNOO.....	37
4.3. YAADA FURMAATA.....	38
Wabiilee	40
Dabalee A.....	41
Dabalee B.....	42
Dabalee C.....	43

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Addunyaan yeroo ammaa teeknooloojiin guddattee, kana kanarra ga'uu kan dandeesse bu'aa barnootaafi qorannootiin akka ta'e hubachuun nama hindhibu. Kanaaf barnoonni yookaan qorannoon guddinaafi jireenya ammayyaawwaa addunyaa kanaaf murteessa akkuma ta'e, jiruu-jireenya dhala namaa guyyaa guyyaan geggeeffamu keessattis murteessa akka ta'e beekuun barbaachisaadha. Kanaaf faayidaan barnootaa yookaan qorannoo kana jedhanii daangessuun waan danda'amu miti yookaan hiika isaa xiqqeessuu ta'a.

Kanaaf qorannoon faayidaa hedduu, hanga kana hinjedhamne qaba. Fakkeenyota muraasa faayidaawwan qorannoo keessaa yoo kaasne; rakkoo tokko adda baasuun mala furmaati ittiin godhamu barbaadu, beekumsa haaraa maddisiisuu, dandeettii namaa cimsuufi kan kana fakkaataniidha. Dhimma kana irrattis Addunyaa (2019:3) yoo ibsu, "Madda rakkoowwanii adda baafachuufis ta'ee fala barbaaduuf karaan inni tokko qorannoo gaggeessuudha" jedha. Qorannoon kunis kan adeemsifamuu danda'eef yookaan sababni qorannoo kanaa sadarkaa barnootaa ittiin fooyyeffachuun akkuma jirutti ta'ee, haalli dhiheenya sagantaa kanaa guutuu ta'ee waan qorataa kanatti hinmul'anneef kana adda baasuun xiinxalee xiinxalee mul'isuuf kan adeemsifameedha.

Kutaan qorannaa kanaa bakkeewwan xiyyeeffannaa qorannichaa kan ibsuudha. Jalqaba irratti seenduubeen qorannichaa dhimma raadiyoo itoophiyaa sagantaa afaan oromoo keessaa qophii qoraasumaa irratti kan xiyyeeffateedha.

Sana booda duraa duuba eeguun boqonnaa tokko keessatti ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaafi hanqina qorannichaa qabatee jira. Itti aansuun boqonnaa lamaa, sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkii, boqonnaa sadiifi afur keessatti cuunfaa, argannoofi yaada furmaataa walduraa duubaan ulaagasaa guute kan dhiyaateedha. Yookaan qorannoon kun walii gallsaa boqonnaa afuritti qoodamee kan dhiyaateedha.

1.1 Seenduubee Qornnichaa

Miidiyaan yeroo ammaa kana addunyaa irratti humni inni qabu waan ittiin madaalamu hinqabu yookaan miidiyaan yeroo ammaa addunyaa irratti humna guddaa qabaachuun Addunyaa walitti hidhee mandara tokko gochaa jira. Miidiyaan kunis dameewwan gurguddaa sadii (3) ofjelaa qaba. Isaanis; Miidiyaa Maxxansaa (printing media), Miidiyaa Tamsaasa (broadcasting media)fi Miidiyaa Hawaasaa/Interneetii(social media) isaan jedhamaniidha.

Miidiyaan maxxansaa kanneen ergaa isaanii barreeffamaan hordoftoota biraan gahan, kanneen akka gaazexaa, barruulee, kitaabileefi warreen kana fakkaatan yemmuu ta'u, warreen kaan hundaaf hangafa/kan duraati. Miidiyaan Hawaasa immoo kanneen ergaa isaanii barreeffamaan, suuraan, suur-sagaleefi wkf hordoftoota biraan gahuudha. Isaanis kan akka feesbuukii, googilee, you tube, tiwtirii, inistaagiraamiifi warreen kana fakkaataniidha. Miidiyaan tamsaasa (Sabaahimaalee)n immoo kanneen odeeffaannoo sagaleefi suur-sagaleen yeroo tokkotti ergaa isaanii hawaasa bal'aa/hordoftoota biraan gahaniidha. Isaanis bakka lamatti qoodamu Televezyiiniifi Raadiyoodha.

Miidiyaawwan kun hunduu akkaata dhiyeessii isaan odeeffaanno ittiin hawaasa/hordoftootaaf kennaniin qoodaman malee, hundumtu karaa walqunnamtiin, odeeffannoo hawaasa bal'aa/waliif dabarsuuti.

Qorannoon kunis dameewwan miidiyaa keessaa miidiyaa tamsaasa (broadcasting media) irratti kan adeemsifame yemmuu ta'u, miidiyaa tamsaasaa kana keessaas Raadiyoo irratti kan xiyyeeffateedha. Raadiyoon kunis meeshaalee sabaahimaalee keessaa tokko kan ta'eef kan tamsaasni isaa yeroo tokko keessatti iddoo hedduutti /hawaasa bal'aa biraan, bakka tokko taa'ee iddoofi bakka fedhetti daangaa malee tamsaasuun ergaa isaa dabarsuu danda'uudha (McLeish, 1999:1).

Akka yaada mcleish irraa hubachuun danda'amutti ergaa tokko akka barbaadannetti, yeroofi iddoo barbaannetti ummata mara biraan haala salphaa ta'een geessisuuf meeshaalee sab-qunnamtii yookaan miidiyaalee tamsaasa keessaa Raadiyoon daraan barbaachisaa kan ta'eedha. Itoophiyaa keessatti tamsaasni Raadiyoo yeroo jalqabaaf kan eegale Fulbaana 1, bara 1935 A. L. A (EMMP, 2006:6).

Biyya kana keessatti bara sana keessa tamsaasni raadiyoo kan eegale ta'uulle, Afaan Oromoo Raadiyoon odeeffaannoo yookaan ergaasaa qilleensarra oolchuuf carraa sana hinarganne. Kunis dhiibbaafi jibba sabichaafi afaanicharra ga'aa turan irraa kan ka'e, dhiibbaa siyaasaati.

Baruma sana keessa yeroo xaaliyaanonni biyya kana weeraran keessa tamsaasa Raadiyoo kanas to'annoo isaanii jela oolchuu danda'aniiru.

Xaaliyaanonni jalqaba irratti tamsaasni kun ummata bira akka hingenye godhaa turan. Booda suuta, suutaan adeemsa keessa tajaajila isaa fooyyessaa kan deemaniidha. Haaluma kanaan tamsaasni Raadiyoo kun afaanota kanneen akka Afaan Oromoo, Afaan Sumaalee, Afaan Amaaraa, Afaan Tigireetiin tamsaasu eegale (Isuma, 2006:8).

Yeroo kana keessa afaan oromoos carraa sana ha'argatu malee, dhaabbanni raadiyoo yeroo sana keessa ture haalli isaa quubsaa yookaan ga'aa ta'ee hinturre. Itoophiyaa keessatti Raadiyoon haala sirna qabeessa ta'een kan hundeeffame A.L.A bara 1941 keessa ture. Kunis eega Xaaliyaanonni biyya kana gad-dhiisanii ba'anii booda jechuudha (Isuma:10).

Itti dabaluuunis akka barruun kun ibsutti, bara 1941 sagantaan tamsaasaa haaraan dhimmoota biyya alaafi biyya keessaa kanneen akka oduu, sirbootaa Afaan Amaaraa, Afaan Sumaalee, Afaan Ingiliziifi Afaan Arabaan cimee ture jechuun ibseera. Haala kana keessatti Afaan Oromoo carraa qilleensarra oolamaa dhabeera jechuudha yookaan bara 1935 A.L.A booda hanga bara Dargiitti tamsaasani Raadiyoo Afaan Oromoon biyya keessatti tamsa'aa hinturre. Garuu eega Dargiin aangoo qabatee afaan oromoos carraa argachuun guyyaa keessatti sa'atii tokkoof tamsaasaa yookaan qilleensarra ooluf carraa argateera.

Sagantaan tamsaasaa raadiyoo afaan oromoo bara mootummaa Dargii kana jalqaba irratti rakkooleen garaagaraa quunnamaa turanis, boodarratti fooyya'insa agarsiisaa dhufeera. Tamsaasni sagantaa Raadiyoo Afaan Oromoo haala seera qabeessan galgala sa'aatii tokkoo hanga lama (1:00-2:00) tamsa'uu kan jalqabe Muddee 30, 1974 A.L.A tti (Kenea, 2007;11-12).

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannaa kana akkan geggeesuuf ka'usa kan naaf ta'an keessa muraasni, qophichi kaayyoo dhaabbateef galmaan ga'aa kan jiru waan natti hinfakkanneef. Kan biraa immoo haalli dhiyeenya unkaa qophichaa haala gaarii taa'ee waan natti hinmul'anneef, yeroon qophichaafi qophichi kan walmadaalu fakkate natti hinmul'anne. Kunis sababni isaa yeroon qophichaa gabaaba ta'ee waan natti mul'ateef, qophiin kun immoo qophii hedduu murteessaadha yookaan faayidaa hedduu kan qabu fakkaatee qorataa kanatti waan mul'atee qorannoo kana gochuuf kaka'usa itti uume. Akkasuma yeroon qophii kanaa hedduu gabaabaa ta'uu irraa kan ka'e faayidaa qophiin kun kennuuf ba'e/hundeeffame waliin waan walmadaalu waan natti ta'ee/ qorataatti hinmul'anneef waan kana adda baasuuf qorannoo kana geggeesuuf ka'e.

Gabaabaadhumatti qorannoon kun gaaffilee ijoo/bu'uura armaan gadii kana deebisuuf kan geggeeffameedha.

- Qophiin qoraasuma kaayyoo maalif hundeeffame?
- Haalli dhiyeenya unka qophii qoraasuma maal maali yookaan kana akkamiiti?
- Dhimmoonni qophii kanaan dhiyaatan maal maal fa'i?
- Hennaafi yeroon qophii kanaa yoomi, hammami, mijaawaadha?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Waanta tokko hojjechuuf kaayyoo qabaachuun barbaachisaadha. Kaayyoo malee kan adeemtu yoo ta'e maalif akka gootuufi maal akka gootu beekuun rakkisaa ta'a waan ta'eef. Kanaaf kaayyoon kunis Kaayyoo walii galaa / gooroofi Kaayyoo murta'aa/gooree jedhamee bakka lamatti qoodama.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Xiinxala Qophii Qoraasumaa Raadiyoo Itoophiyaa Sagantaa Afaan Oromooti.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa gaaffilee armaan gadii kana deebisuuf kan carraaquudha.

- Qophiin qoraasumaa maalif akka hundeeffame adda baasuun xiinxalu.
- Haala dhiyeenya unka qabiyyee qophii kanaa sakatta'uun xiinxalu.
- Dhimmoonni qophii kanaan dhiyaatan adda baasuun xiinxalu.
- Yeroofi hennaan qophii kanaa mijaawaafi gahaa ta'uu adda baasuun xiinxalu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu, rakkoof fala barbaadu, rakkoo adda baasuun ibsuu, beekumsa dabaluu yookaan adeemsa wanta beeknurraa gara wanta hinbeekneetti taasifamuudha jedhama.

Faayidaan miidiyaa waan hedduudha. Fakkeenyaaf seenaa, aadaa, afaan barsiisuu yookaan aadaa, afaan, aartii guddisuufi haala jiruu-jireenya hawaasa tokko hawaasa biraa barsiisuu, akkasumallee qeequu, cimsuu keessatti gaheen miidiyaa tamsaasaa hanga kana jedhamee kan tilmamu miti. Qorannaan gama aadaa aartiitiin miidiyaarratti geggeeffamu akkasuma faayidaa olaana qaba.

- Namoota gara fuulduraatti qorannoo mata duree kanaan walfakkaatu irratti hojjechuu /qorannoo geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'eef tajaajiluu nidanda'a.
- Warreen biroo dhimma kanaan walfakkaatu irratti akka qorannoo geggeessaniif kaka'usa uumuu danda'a jedheetu amana qorataan.
- Warreen dhimma kanaan walfakkatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif madda ragaa ta'ee tajaajiluu nidanda'a.
- Qophiin kun fayidaa qophiin miidiyaa tokko kennu kennaa jiraachuusaa adda baasuun kan mul'isee kaa'uudha.
- Hojjettoonni sagantaa kana dadhabinafi cimina isaani, akkasuuma danqaawwan isaan qabee jiru adda baasuun akka fooyyefataniif niakeeka.

Akkasumas dhaabbanni sunis ciminaafi dadhabina qophii sana irratti qabu akka ittiin of ilaaluuf nigargaara jedhee amana qorataan.

Kana malees ga'ee sagantaan raadiyoo guddina afaanii, beekumsa walii galaan ispoortii, seenaa, aadaa, waan kana fakkaatan keessatti qabu sagantaan kun hagam akka bahachaa jiru hanga tokko agarsiisuuf nigargaara.

Akkasuma yeroo tamsaasa sagantaa kanaa yeroo hawaasaaf mijaawwu adda baasanii beekanii qophiin kun faayidaa inni qaburratti hundaa'uun akka hordoftootaaf mijatutti akka sirreessan gara fuulduraatti niakeeka.

Gama biraan ammo qorannoon kun karaa muummee Kanaan yookaan muummee afaan oromoon dhimmi miidiyaan walqabatee qorannoon hedduun waan hinjirreef, gara fuulduraatti akka kaka'usa uumuun irratti hojjetamuuf, nijajjabeessa, yaada Ka'umsa ta'aaf, nigargaaras, jedhee amana qorataan.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Waan tokko hojjechuuf daangaa itti gochuun/daangessuun waan hedduuf nama barbaachisa. Innis waan hojjennurratti xiyyeeffannoo akka kenninuuf, waan nu hinilaallanne dhiisuuf/daangaa ofii keessatti oftiksuuf, waan hojjennu sana hojii gaarii akka dhiyeessinuuf kan jedhaman isaan muraasa.

Daangaan qorannoo kanaa raadiyoowwan jiran keessaa raadiyoo itoophiyaa sagantaa afaan oromoo irratti kan xiyyeefate yoo ta'u, qophiiwwan isaa keessa immoo, qophii qoraasuma xiinxalu irratti kan xiyyeefateedha. Qophii kanas sagantaa hunda xiinxaluun waan ulfaatuuf yookaan hindanda'amneef qabiyyee qophii kanaa keessaa muraasa fudhachuun kan xiinxalamuudha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu hanqinni nama mudachuun isaa kan oolu miti. Hanqinoonni kunis karaa lama, tokko kan yeroo qorannoo qorataa qunnamudha. Inni biraa kan qorannoo Keessatti mudatuudha. Keessattu yeroon kun akkuma beekamu yeroo dhibeen koronaa

Addunyaa weeraree, wanta hunda haala duraa/baratame irraa jijjiirsisee jiruudha. Hubaatiisa kana keessattis sirna baruufi barsiisuu irratti dhiibbaa hedduu geessiseera.

Nutis yookaan biyyi keenya kunis kanumaan walqabatee yeroon barnootaa kan duraarra hedduu gabaabbateera. Kana malees qorataan yeroo qorannoo kana adeemsisu keessatti yeroon qorannoo kanaaf kenname, yeroo barnootaan walirra waan ooleef yookaan barnootas barachaa waan jiruuf hanqinni yeroo mudateera. Haata'u malee, hanqinni mudate kun akkuma jirutti ta'ee, qorataan yeroo isaa boqonnaa malee carraa argatetti fayyadamuun qorannoo kana galmaan ga'achuuf yaaleera.

Kana malees akka qorataa tokkootti hanqinoonni qorannoo kana mudatan ragaan dookumentii ga'aan dhabamuu isaa, qopheessitoota qophii kanaa akkan barbaadetti argachuun odeeffannoo ga'aa dhabuu. kanaan alattis hanqinni natti mul'atan qorannoo kana keessatti ragaawwan yookaan qophiilee hunda osoo hintaane muraasa qofti kan ilaalameedha. Maddeen ragaalee ga'aa argachuuf qophii qoraasuma kana ilaalchisee baayinaan dhabamuu/hinargaman. Akkasuma qophiileewwan garaagaraa irratti qorannoon hedduun waan hingeggeeffamneef hanqinni karaa kanaallee na mudateera. Raga barreeffamaas ta'ee sagaleen qophichaa kan kuufamee olkaayame sirriitti xiixaluuf yeroon baay'ee waan gabaaba ta'eef akkan yaadetti naaf milkaa'u hindandeenye.

1.7. Malaawwan Qorannichaa

Qorannoon kun qorannoo bu'uuraa jelatti kan ramadamu yemmuu ta'u, akaakuun ragaaleefi malli seccaati ragaalee immoo qorannoo akkamtaa (qualitative research) jelatti kan ramadamuudha.

1.7.1. Madda Ragaalee Argame

Maddi raga qorannoo kanaa tooftaan inni ittiin walitti qabame mala afgaaffii daanga'a ta'ee sagalee waraabbachuun, akkasuma dookumentii sakatta'uun (kan barreeffamaafi qophicharraa sagalee waraabuun) kan walitti qabameedha.

1.7.2. Tooftaalee Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuuf, odeeffannoo quubsa yookaan madda ragaalee dhugaa qabaachuun barbaachisaadha. Akkasumas ragaa qabatamaafi amanamaa argachuuf tooftaa adda addaa fayyadamuun ragaasa funaannachuun barbaachisaadha.

Mala qorannoo kanaaf tooftaaleen fayyadamuun ragaa walitti qindeesse dookumentiifi afgaaffii (sagalee warabbachuun) gaazexeessitoota (qopheessitoota, gulaaltotaafi direkteera) waliini.

1.8 Mala Iddattaafi Iddatteessuu

Qorannoo tokko geggeessuu keessaatti mala iddattootti fayyadamuun faayidaa hedduu qaba. Kunis dhimmaa keenya qofa irratti xiyyeeffannoo kennuuf waa'ee waan sanaa odeeffannoo ga'aa kennuufi waan kana fakkaatan.

1.8.1 Mala iddataa

Qorannoon kun kan adeemsifame mala iddataa jiran keessa filachuuni. kunis odeeffannoo walii galaa dhaabbatichaa argachuuf kan raawwateedha. Kanas akaakuuwwan iddataa keessa iddata al-carraa/mit-carraatti kan dhimma ba'ameedha.

1.8.2 Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun kan adeemsifame akkuma olitti ibsame mala iddataatti gargaaramuuni. kunis qophiilee raadiyoowwan garaagaraa irra jiran keessaa, kan raadiyoo itoophiyaa sagantaa afaan oromoo yoo ta'u qophii isaa keessaas, qophii qoraasuma irratti kan adeemsifameedha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

2. SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE

2.1 Raadiyoo Tamsaasaa

Raadiyoon tamsaasaa miidiyaalee tamsaasa hawaasaa jiran keessaa kan hedduu nuffi malee nama hawwatuudha. Keessattuu hawaasa guddina diinagdeetiin sadarkaa dag- aanaa irra jiran yookaan booddeetti hafoo ta'aniifi bakka ibsaafi bilbilli hinqaqqabnetti argamaniif odeeffannoo bal'aa ta'e kenna. Akkasumas jireenyi isaanii akka fooyya'u gochuu keessatti raadiyoon gahee guddaa kenna. "Raadiyoon meeshaawwan sabqunnamtii/miidiyaalee kanneen biroo waliin yeroo walbira qabamuun madaalamu, ummata hinbaranneefi kanneen guddina diinagdeen boodatti hafoo ta'an akkasumas odeeffannoo argachuuf kanneen hiree gara biraa hinarganneef tajaajila guddaa kennaa kan jiruudha" (Mecleish, 1999:5).

Yaada kanarraas kan hubatamu, raadiyoon biyyoota sadarkaan diinagdee saanii baay'ee boodatti hafoo ta'anii keessatti miidiyaawwan kanneen biro caalaa madda odeeffannoo isa duraa ta'ee tajaajila ga'aafi gaarii kennuun tajaajilaa jiraachuudha. Kanaaf raadiyoon biyyoota barumsaan yookaan qaroominni haala sirriin keessatti hindagaagneef madda odeeffannooti. Keessattuu warren akka biyya keenya Itoophiyaa keessatti haalli kun sirriitti waan mul'atuuf, raadiyoon harka caalmaan gargaaramuun odeeffannoo kan argataniidha.

Kanaafuu, raadiyoon hawaasa diinagdeedhaan duubatti hafoo ta'an keessatti tajaajila inni qabu guddadha jechuudha.

Tamsaasni raadiyoo yeroo tokko keessatti namoota miliyoonaan lakka'amaniif qilleesarra kan ooluudha. Kana malees raadiyoon ergaa wal fakkaataa tokko yeroma tokko keessatti kan hawaasa hedduun ga'uu danda'uudha. Yaada kanas McLeish, (1999:2) yoo ibsu, "Raadiyoon meeshaalee subqunnamtii (miidiyaa) keessaa tokkoodha. Raadiyoon namaa namatti, baadiyyaa baadiyyaatti, magaala magaalaatti, biyyaa biyyatti, ergaa bal'aa meeshaa danbalii tamsaasaan kan raabsuu danda'uudha. Raadiyoon wal qunnamtiif dandeettii cima qaba. Hojiirra oolchuurratti garuu miidhaansaa bu'aasaarra baay'ee xiqqaadha" jedha.

Akka yaada olii kana irraa hubatamuun danda'amutti raadiyoon meeshaalee subqunnamtii kanneen akka internetii, televezyiiniifi kanneen biroo caalaa namoota hundumaaf kan

qilleensarra ooluun tajaajila barbaachisaa ta'e kennuu danda'uudha. Miidiyaaleen kanneen biroo caalaa raadiyoo miidha/namoota miidhaman waa'ee isaanii himuuf hedduu ariifatadha. Fakkeenyaaf balaan konkolaataan namoota miidhaman yoo gabaase ijaan agarra osoon taane, akka nuti gurraan dhaggeeffachuun yaadaan waan sana agarree akka hubannuu taasisa. Kanas meeshaalee akka kaameera barbaada osoon taane dafee akkuma sanaan gurraan nuga'a.

Garuu televezyiiniin balaa ta'e kana qaamaan akkaataa miidhamasaaniif namoota miidhaman sana waan ijaan ilaalaa gurraan dhaggeeffannuuf akka gadda cimaa gaddinuufi akkaataa miidhama isaa ilaaluu irraa xiinsammuun keenya illee miidhamuu danda'a. Hata'u malee gurra qofaan dhaggeeffachuun keenya hamma tokko kan itti hinmiidhamne ta'uu isaa agarsiisa.

Walumaa galatti, Raadiyoon gurraan waan dhaggeefatamuuf, meeshaaleen teknooloojii warren ijaan daawwatamaa gurraan dhaggefataman irra miidhaansaa baay'ee xiqqaa akka ta'eedha.

Tamsaasni raadiyoo sa'aatii kennameef keessatti sagantaasaa eeggatee qilleensarra kan oolu yemmuu ta'u akka barruulee, gaazexaafi kitaabilee yeroo barbaadametti kan argamu miti yookaan argamuu hindandeenyeedha. Tamsaasni sagantaa raadiyoo tokkoo yeroo inni tamsa'aa jirutti hindhaggeeffatamne yoo ta'e odeeffannoo ai-tokko darbe taanaan irra deebinee argachuuf carraan jiru dhiphaadha.

Dubbistoonni barruuleefi galalchaawwanii sa'atii fedhanitti dubbisani kaa'uun, yeroo babaadanitti irra deebi'anii dubbisuun nidanda'ama. Garuu, tamsaasa raadiyoo keessatti kun kan hindanda'amnee ta'uu isaati. Sababni isaas miidiyaa tamsaasa keessatti dhaggeeffattoonni sa'aatii tamsaasni sun itti darbaa jiru keessatti sirriitti hordofuun odeeffannoo darbu dhaggeeffachuu qabu malee yeroo fedhanitti raadiyoo bananii odeeffannoo al-tokko darbe tokko argachuun gonkumaa kan hindada'amneedha (McLeish, 1999:5).

Akka yaada Mcleish irraa hubachuun danda'amutti namoonni gaazexaafi barruulee, akkasuma waantoota dubbisaman kan biraa hanga galuufitti yeroo barbaadetti irra deddeebi'uun dubbisuun nidanda'ama. Haata'uuti garuu miidiyaa tamsaasa warreen jedhaman yeroo sagantaan sun darbu yookaan tamsa'u hinhodofne taanaan carra irra deebi'ee argachuu dhiphaa qaba yookaan carraa dhaggeeffachuu hinargatu kanaaf yeroomadhuma inni darbu akka caqasuu qaban kan hubachiisuudha.

Raadiyoon tamsaasni isaa kan gatii guddaa gaafatu miti. Dhimma ariifachiisaafi babaachisaa tokko raadiyoon qilleensarra oolchuuf gatiinsa baay'ee muraasa kan ta'eedha.

Raadiyoon meeshaalee sabqunnamtii (miidiyaa) biro waliin walbira yeroo qabuun madaallu gatii inni gaafatuufi danbalii inni irraa darbu baay'ee salphaadha. Akka miidiyaan tamsaasaa raadiyoo tamsaasni isaa Addunyaa bira ga'anitti (qoratanitti) raadiyoon giddu-gala tamsaasaarraatti baasii guddaa kan hingaafanneedha. Garuu, Rakkoo guddaa Raadiyoon qabu odeeffannoo darbe tokko irra deebi'ee dabarsuu irratti jedhu (Mcleish, 1999:4).

Akka yaada armaan oliitti raadiyoon hanqina inni qabu odeeffannoo qilleensarra oole tokko irra deebi'uun nama hindhageenyeef dabarsuu akka hindandenyeedha. Itti dabalees, raadiyoon akka televezyiinii kan baasii hingaafanne ta'uusaati. Fakkeenyaaf Televezyiiniin yeroo qophii tokko dabarsu ijaan ilaalaa gurraan waan dhaggeeffatamuuf, xiyyeeffannoo hedduu itti kennu. Garuu namoonni raadiyoo dhaggeeffatan ijaan waan hinargineef akkuma dhaga'anitti fudhachuun fakkiisaa sammuu keessatti uummatu.

Walumaa galatti raadiyoon odeeffannoo al-tokko darbe duuba/irraa deebi'uun tamsaasu yookaan dabarsuu akka hindandeenyeefi meeshaalee teeknoojii kanneen biroo caalaa rakkisaa kan ta'eedha.

Raadiyoon ijaan ilaalamaa osoo hintaane gurraan waan dhaggeeffatamuuf meeshaalee tamsaasaa (mass communication) keessaa isa qaro dhabeeyyii yookaan jaama jedhama. Kana jechuun namoonni qaro dhabeeyyi ta'an odeeffannoo darbu mara gurraan dhaggeeffachuun raadiyoo waliin qunnamtii gochuu kan danda'aniidha jechuudha. "Raadiyoon meeshaalee sabqunnamtii qaro dhabeeyyiiti. Namoonni qaro dhabeeyyii ta'an wanta raadiyoon darbu tokko gurraan dhaga'anii ija sammuuutiin ilaalani saganticha tamsa'aa jiruufi sagalee nama tamsaasa jiru sana adda baafatu" (Mcleish, 1999:2).

Raadiyoon meeshaalee walqunnamtii ummataa kanneen dhaamsa walirraa fudhachuuf dhimma itti ba'an ta'uu isaati. Namoonni dhaabbata tokko keessatti gurmaa'uu odeeffannoo adda addaa waliif dabarsuun dhaabbati isaa oli kallattii adda addaan odeeffannoo fudhachuun akka cimuu fi beekamu taasisuu keessatti qooda niifudhata. "Haalonni madda sabqunnamtii kan mijaawuu yemmuu gareen namootaa dhaabbata tokko keessatti walta'uun irratti/keessatti hirmaatanii ga'ee

mata mataasaani agarsiisaniidha. Karaan biraan ammo sabqunnamtiin raawwii ba'uu nama tokkoo oliin raawwatamuudha" (Dominick, 1999:15).

Walqunnamtiin guddina diinagdee biyya tokkoof murteessaadha. Walqunnamti hinjiru taanaan haalli jiruu-jireenyaa ummata tokko dagaaguufi socho'uu kan hindandeenyeedha. Biyyoonni diinagdeedhaan boodatti hafoo ta'an, biyyoota guddinaan sadarkaa guddarra ga'an waliin karaa miidiyaan walqunnamtii gochuun, fooyya'uu akka danda'aniif nitajaajila, kanas haala yookaan tooftaa isa tokkoo irraa ilaaluuni.

Akka yaada armaan oliirraa hubatamu sabqunnamtiin tokko bakka ga'uuf gareen namoota barbaachisaa ta'uu ibsa. Namoonni gareen, gurmaa'uun dhaabbata tokko keessatti sochii gaarii yoo agarsiisan sabqunnamtiin akka bakka ga'uufi baballatuuf gumaacha akka qabu gorsa kenna.

Walqunnamtiin kan jaallatamuuf, ga'ee inni hawaasa keenya keessatti qabu yemmuu xiinxalamu hedduu guddadha. Osoo walqunnamtiin hinjiraanee, jireenyi ummata bal'aa jiraachuu hindanda'u (Dominick, 1999:32).

Akka yaada armaan oliirraa hubannutti walqunnamtiin faayidaa isaarraa ka'uun hawaasa keessatti jaallatamaafi kabajamaa akka ta'e ibsa. Kana malees, walqunnamtiin haala jiruufi jireenya ummata tokkof baay'ee isa daraan murteessaafi humna qabeessadha. Walumaa galatti walqunnamtiin hin jiru taananhawaasni akka hinjirre kan ibsuudha.

Miidiyaan toofta namni ittiin walqunnamtuuf uummateedha. Miidiyaan ergaa yookaan dhaamsa qopheessuuf teeknoolojiiwwan oomisha Indaastirii fayyadamu guddinni miidiyaa fedhii daldalaarratti kan murtaa'eedha.

2.2 Hiika Sagantaa Raadiyoo

Dhaabbanni miidiyaa tokko sagantaalee garaagaraa ofjelaa kan qabuudha. Kunis akkataa qabiyyee dhiyeessii sagantaasanan kan qopheeffamuudha. Sagantaan sunis ofdanda'ee kan hojjietuudha. Kan raadiyoos akkusana jechuudha. "sagantaan tokko guutuun ofdanda'ee yookaan gargaarsa ispoonsaraatii, dhiyaatu yookaan kan tamsa'uudha" (MMD, 1996:463).

Yaada armaan oli kana irraas kan hubatamu sagantaan raadiyoo yookaan televezyiinii tokko ofdanda'ee maataaatti waanta isaaf barbaachisu guuttatee, ispoonsara mataasaa kan qabaachuun

tamsaasa geggeesuu akka ta'etu irraa hubatama. Sagantaan raadiyoo tokko sagantaa guutuufi ga'aa ta'uudhaaf, ulaagaaleen barbaachisaafi murteessa kanneen ta'an kanneen hayyoonni miidiyaa lafa ka'an guutuutu irra eegama. Kun immoo sagataan kun kaayyoo dhaabbateef sana akka galmaan ga'uuf gargaara. Yaada kana irraattis Gough, (1982:5) yoo ibsu, "Sagantaan raadiyoo kamiyyuu amaloota bu'uura ittiin beekamu kan mataa isaa qaba. Isaanis; mata duree sagantichaa, sa'atii tamsaasa, murta'aa yeroo tamsaasa walii galaa, ergaa yookiin miira sagantichaafi akaakuu unka sagantichi hordofuudha."

Kana malee yaada kana irratti hayyuun Kashlev, (1983:33) Kitaaba isaa The mass media and international relation jedhu keessatti yeroo ibsu, "Sababa ummanni hinbaratin naannoowwan akka Eeshiyaa, Afriikaafi Laatin Ameerikaa baay'inaan jiraniif, raadiyoon madda odeeffannoo isaanii kan filannoo hinqabanneedha" jechuun kaa'ee jira.

Tamsaasni sagantaa raadiyoo bara duriitii yookaan naannoo jaarraa 20ffaa gara duraarra/jalqabaa kaasee hanga ammaatti ummata addunyaatiif tajaajila kennaa jira. Keessumattuu biyyoota guddina irra jiran kanneen hawaasni isaanii TV bitachuuf humna hinqabneefi naannoo tajaajilli ibsaa hinjirre jiraataniif faayidaan inni kennu baayee olanaadha. Faayidaan tamsaasni sagantaa raadiyoo biyyaafis ta'ee ummata tokkoof qabu akkasuma guddaadha.

2.3 Haala Dhiyeenya Unka Sagantaa Raadiyoo

Unkaan sagantaan raadiyoo haala dhaamsi tokko qindaa'ee karaa tamsaasa dambalii raadiyootiin gurra dhaggeeffattoota galuudha. Sagantaan (qophiin) raadiyoo tokko unkaawwan akka dookumentarii, magaazinii (barruu), diraamaa, afgaaffii, qorata afaaniif kkf dhiyaachu nidanda'a.

Raadiyoon dambalii tooftaa qabuufi tajaajila hedduu kennuu ta'ee dhaggeeffattoota, yookaan hawaasa bal'aa biratti fudhatama qabaachuu qabuudha. Akkasumas, fedhii dhaggeeffattoota hedduu guutuufi kaayyoo isaa galmaan ga'uufi tooftaalee, haala dhiyeenyaa garaagaraa, qindeeffamoota dhimmoota sagantaasaanii kan akka walii galaatti unka jedhamutti fayyadamu. Dhimmoonni sagantaa tokko keessatti baay'ee barbaachisaa ta'an lamaan, qabiyyee sagantichaafi unka qabiyyichi ittiin dhiyaatudha (Gough, 1982:14).

Haalli unki qophii tokko ittiin dhiyaatu, qophiin sana jaallatamaa taasisuufi umrii isaa dheeressuuf ga'ee murteessaa ta'e qaba. Kunis ta'uu kan danda'eef fedhiin dhaggeeffattoota halli dhiheenya dhimmoota sagantaa sanii walitti hidhannaa cimaa waan qabuufiidha.

Unkaan miira namaa harkisuufi haalaan dhaggeeffatamaa ta'ee uumuudhaaf waantonni barbaachisaan sagalee (dhiiraafi dubaraa), muuziqaafi qulqullinni sagalee jaallatamummaa sagantaa raadiyoo guddisuuf akkaataa mata duree qophii saniif tolutti unka garaagaraa fayyadamuun barbaachisaadha.

Sagantaa tokko qopheessuu keessatti unka adda addaa uumanii itti fayyadamuun haala dhiyeenyaa gaarii yookaan filatamaa ta'eedha.

Akkuma unkaawwan akaakuun garaagaraa ta'an, amalootni isaan qabanis garaagara waan ta'aniif amalaafi dhimmoota qophii sana keessatti dhiyaatan irratti hundaa'un unka qophii saniif ta'u filatanii ittiin dhiyeessuun barbaachisaadha. Unka qophichaaf mijaa'utti fayyadamuun, sagantaan sun kaayyoo isaa galmaan ga'uuf tattaaffi taasisu keessatti gumaacha guddaa qaba.

2.4 Xiinxala Qabiyyee Sagantaa Raadiyoo

Sagantaaleen Raadiyoon tamsa'an, akkuma mata dureefi dhimmoota dhiyeessaniin garaa gara ta'an qabiyyeen isaan ofkeessatti qabaatanis garaagarummaa qaba. Kanas hayyuun Gaugh, (1982:14) yeroo ibsu, "Sagantaa raadiyoo keessatti dhimmoonni baay'ee barbaachisaa ta'an qabiyyee sagantichaatiifi unka qabiyyechaati" jechuun ka'a. Kanaaf ciminaafi dadhabina qophii yookiin sagantaa miidiya sanii madaaluuf qabiyyee qophii sanii xiinxaluun barbaachisaadha.

Sagantaan raadiyoo qophii isaa keessatti dhimmoonni qabiyyee mata duree qophichaa, daangaa qabiyyee qophii sanii kan agarsiisu waan ta'eef dhaggeeffatoonni dhimmoota mata dureen sun ofkeessatti haammachuu danda'u hunda qophii sana irraa eegu. Kanaaf qabiyyeen mata duree sanii akkuma jirutti dhiyaachu qaba.

Akka hayyoonni jedhanitti qabiyyeen qophii sanii kan sirriitti barsiisu, odeeffannoo kennu, bashannansiisuufi fakkaatti mata duree san irraa eegamu sammuu dhaggeeffatoota keessatti uumuu kandanda'u ta'uutu irraa eegama

Miidiyaan iddoo nuti irra caalaatti waa'ee odeeffannoo Addunyaa kanaa irraa argannuufi ittiin bashannannuudha. Kanaaf isaan akka madda raga duudhaatti kan nuti Addunyaa ittiin ilaalluudha. Miidiyaaleen qabiyyee isaanii keessatti dhimmoota kanneen nutti muldhisuu danda'uu qaba. Fakkeenyaaf, irra caalaan keenya himaaliyaan/hima afaaniirraa maal akka ta'eefi maal akka fakkaatu yaadan nibeekna. Garuu beekumsi kun kan muuxannoo qabatamaan achi

deemnee argannee miti. Haata'u malee karaa dubbisuutiin, fakki isaa ilaaluufi dhaggeeffachuutin yookaan argaa yaadaatiin kan arganneedha (Shaughnessy, 1999:18).

Walumaa galatti qabiyyeen akkuma manni meeshaalee garaagaraa irraa ijaaramu sagantaanis qabiyyee garaagaraa irraa ijaarama. Qabiyyeen isaa yoo keessa hir'ate yookiin itti dabalame qophii suniif ergaan isaas guutuu ta'uu waan hindandeenyeef, qophii hunda keessatti xiyyeeffanoon kennamuufii qaba.

2.5 Faayidaa Sagantaa Raadiyoo

Faayidaa miidiyaan/raadiyoon qabu waan hedduu akka ta'e beekamaadha. Yaada kanas hayyoonni haala garaagaraan nikaasu.

Miidiyaan/sabaahimaaleen hawaasa addunyaa kanaaf bay'ee barbaachisu. Jijjiirama siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa fiduu keessatti shoora ol'aanaa taphatu. Miidiyaan riqicha odeeffaannooti. Jireenya keessatti bakka guddaa qabu. Fedhii namoota dhuunfaas ta'ee akka gareetti akkaataa barbaachisummaa isaaniitti guutuuf hojjeta. Fedhiin namootaas garaagara namoonni tokko tokko ispoortii, bashannanana, fiilmii, taphoota adda addaa, sirbootaafi shubbisaan bohaaruu barbaadu. Walumaa galatti miidiyaan fedhii hawaasa guutuu keessatti dorgomaa hinqabu.

Miidiyaan (Sabqunnamtiin namoota addaan fagaatanii jiraatan sadarkaa biyyaatti, naannootti, magaalaatti, walitti fiduun muuxannoo yookaan odeeffannoo akka waljijjiiraniifi tokkummaa uuman gochuurratti humna olaana qaba (McQuail, 1994:34,95).

Kanuma bu'uura godhachuun faayidaan miidiyaan kennu waan hedduu akka ta'e kan hubachiisuudha. Isaan keessa muraasa isaanii yoo kaasnee ilaalle kanneen armaan gadii kana ta'u.

2.5.1 Barsiisuu

Faayidaa baay'ee olaanaafi barbaachisaa kan dhaggeeffattoota isaaf kennu inni guddaan barsiisuudha.

Raadiyoon barnoota idilee (formal education)fi odeeffannoo waltaawwaa kanneen al idilee (unformal education) ta'aniin waantoota baay'ee kaasuun gumaacha guddaa gochuun ummata barsiisa. Keessattuu tamsaasni raadiyoo

barnoota idilee walii gala biyya/ naannoo tokkoo keessatti bifa walfakkaatuun kennuun beekumsi barattoota gama barumsaan akka tokko ta'uufi barnoota walfakkaataa akka argatan gochuu keessatti gumaacha gudda taphata (McLeish, 1999:7).

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti raadiyoon barnoota guutummaa biyyattii keessatti bifa idileefi al idilee ta'een kan kennu ta'uusaati. Namoonni hubannoo isaanii akka gabbifataniif raadiyoon madda isa duraa ta'uun gargaara. Kana malees raadiyoon namoota barataniifi hinbaranneef haala walfakkatuun odeeffaannoo walqixa ta'e tamsaasuu isaa kan ibsuudha.

2.5.1.1 Aadaa Barsiisuu

Miidiyaa aadaa saba tokkoo saba biraattis ta'ee sabuma abbaa aadaa sanaa barsiisuufis, guddisuuf ga'ee guddaa qaba. Kanumaan walqabatee hayyoonni dhimma kana irratti barreessan yaada hedduu eeru. Fakkeenyaaf hayyuun Less Well (2000:5) akka ibsetti, "Hubannoo hawaasni jiruu-jireenya isaa irratti qabaatu nijabeessa, akkasuma aadaa hawaasaa gabbisuufi dhaloota dhalootatti dabarsuu keessatti gahee guddaa qaba."

Yaada kana irraas kan hubatamu raadiyoon aadaa haawasa tokkoo guddisuus ta'ee balleessuuf akkanni gahee guddaa qabu kan nuhubachiisudha. Kunis miidiyaan addunyaaleessa waan ta'eef dhimmoota aadaa haawasa qopheessuun tamsaasu yoo ta'e aadaan sun bakka hedduutti beekamee akka guddatu kan godhuudha. Faalla kanaa immoo dhimmoota aadaa ofii dhiisanii kan saba biraa yookaan dhimmoota aadaa haawasa ofii hinqopheessu, hintamsaasu taanaan aadaan sun akka dagatamu, akka badu, akkasuma aadaa biraatiin akka dhaalamu gochuu danda'a.

2.5.1.2 Seenaa Barsiisuu

Akkuma olitti dhimma aadaa keessatti tuqame, seenaa nama dhuunfaa yookaan namoota bebbeekamoo ta'anii, seenaa garee hawaasaa, seenaa sabaa, seenaa biyyaa, akkasuma seenaa ardiifi addunyaa barsiisuu keessaatti ga'een miidiyaa hagana hinjedhamu. Kunis dhimmoota kaleessa raawwataman akka hindagatamneef, akka namani/biyyi irraa baratuuf, kaleessa eenyuu maal akka godhe. kaleessi maal akka ture barsiisuu keessatti miidiyaa isa bu'uuraati. Seenawwan kunneenis maddisaan argaman qopheessitoonni/ gaazexeesitoonni kitaabota seenaa dubbisuun hawaasa keessaa maanguddoota irraa walitti qabuufi tooraawwan garaagaraa irraa kan walitti qabamuun qidoome dhiyaatudha.

2.5.2 Bohaarsuu (Entertainment)

Raadiyoon faayidaa inni hawaasa kennu keessaa tokko bo'aarsuun sammun namaa akka itti gammaduufi boqonnaa itti fudhatu godha. Innis dhaggeeffattoota isaaf sirboota mimmiidhagoo qalbii namaa hawwachuu danda'an filatee dhaggeeffattoota isaa kan affeeruudha. Kunis akka hawaasni itti bashannanaa dhaggaafatan godha.

Buufata raadiyoo tokkorraa gara Buufata raadiyoo tokkotti sagantaan qabiyyee bashannanaa isaa adda addaadha. Hata'u malee, sagantaan bashannanaa kennuu irraatti raadiyoon kamiyyuu walfakkaata. Sagantaan bashannanaa inni kennu garuu walcaala. Raadiyoon tokko tokko irra caalaan sagantaa bashannanaa bal'aa kennuu kan danda'u yemmuu ta'u, kan biroon ammo irra caalaan oduu dhiheessuu irratti kan bu'uureffateedha. Ta'us qophiin sagantaa raadiyoo kamiin keessaayyuu jiran guddatus xiqqaatus sagantaan bashannansiisuu kan ofkeessaa dhabe/hinqabne hinjiru (McLeish, 1999:42).

Akka yaada kanaatti dhaabbanni/buufanni raadiyoo tamsaasan garaagara ta'an qabiyyeen sagantaa bashannanaa isaaniis kan wal caalu ta'uu isaa ibsa. Ammi/hangi sagantaa bashannanaa raadiyoon tokko qabatu/qabu xiqqaatus, guddatus kan wal caalu ta'uu ibsa. Walumaa galatti dhaabbanni raadiyoo tokko ta'us, garaagaraa yoo ta'es, sagantaan raadiyoo akkaataa qabiyyeefi unka isaaniitiin bashannansiisuu irratti walcaalma akka qabu kan ibsuudha.

2.5.3 Walitti Dhufeenya Uumuu (Linkage)

Raadiyoon hawaasa haala teessuma lafaatiin walirraa fagaataniifi haala jiruu-jireenya adda addaa qabaniif walitti dhufeenya akka qabaniif gumaacha olaanaa kan taphatuudha.

Meeshaalee sabqunnamtii/miidiyaan, hawaasaa addunyaa haala garaagaraan addaan fagaatan, kanneen akka teessuma lafaan, haala/ dhimmoota jireenyaafi dhimmoota adda addaan akkasuma illee hawaasa tokko ta'anii al-kallattiidhaan walirraa fagaatan akka walitti dhufeenya qabaataniif gahee guddaa fakkeenya hinqabne kan taphatuudha (Dominick, 1999:38).

Akka yaada hayyuu kana irraa hubachuun danda'amutti, raadiyoon hawaasa haala teessuma lafaan, aadaan, amantaan, diinagdeen, siyaasaafi waan kana fakkatuun walirraa fagaatani argaman, wal qunnamsiisuuf dandeetti guddaa kan qabu ta'uu agarsiisa. Kana malees hawaasa tokko kan bakka garaagara jiraatanu aadaa, afaan, seenaafi waan kana fakkaatan akka hawaasni

sun walirraa hinfaganneef kan walitti hidhuudha. Walumaa galatti raadiyoon walitti dhufeenya uumuu keessatti dandeetti guddaa kan qabu ta'uusaati.

2.5.4 Odeeffannoo Kennuu

Faayidaawwan gurguddoon raadiyoon hawaasa bal'aaf kennu keessa tokko odeeffannoo dabarsuu/kennudha. Raadiyoon dhimma ariifachiisa, yeroo gabaabaa ta'e keessatti dhaggeeffattoota/hordofoota hunda biraan yeroo walfakkaata keessatti haala walfakkatuun ga'uuf dandeettii guddaa kan qabuudha.

Raadiyoon odeeffannoo hawaasaaf haala ta'ii naannoofi addunyaa irratti hundaa'uun kan kennuudha. Ta'iiwwan kanneen akka waraanaa, kirkira lafaa, dho'insa voolkaanoo (volcano eruption) hojii mootummaan hojjetaa jiruufi argannoowwan saayinsii fi teeknoolojii, jioograafii, ispoortii, hawaasa biraan ga'uuf kan fayyaduudha (Dominick, 1999:41).

Yaada olii kanarraa kan hubatamu raadiyoon odeeffannoo hawaasni barbaadu oduu ho'aa dhimmoota hawaasni kun barbaadu hawaasa kana nifayyada jedhamee yaadamu, hawaasni sun barbaadu karaa salphaafi ariifataa/ saffisaa ta'ee hawaasaaf dabarsuu danda'u isaa kan mul'isuudha.

2.6 SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

Mata duree kana jelatti qorannoowwan Kanaan dura geggeeffaman kan dhimma qorannoo Kanaan walfakkatan yookaan walitti dhufeenya qabantu sakatta'amee ilaalama. Haaluma Kanaan waraqaan qorannoo kan qorannoo Kanaan walitti dhufeenya qaban, sakatta'uun wal-fakkeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban, wal simsiisifamanii akka kanaa gadiitti dhiyaatu;

Barruun walfakkii kunneen haala walduraa duuba bara hojii/dhiyeenya isaanii eeggatanii haala armaan gadiin kan dhiyaataniidha. Qorannoon mata duree kanaan walfakkaatu inni duraa qorannoo Bariisaa Bulootiin bara 2011 A.L.A mata duree Xiinxala Qabiyyee Qophii Aadaafi Aartii Sagantaa Afaan Oromoo Raadiyoo Itoophiyaa jechuun hojjetameedha. Qorannoon kun boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaateedha. Boqonnaa tokko keessatti seensa qorannichaa yoo ta'u boqonnaa lama keessatti immoo Sakatta'a Barruuti, boqonnaa sadii keessatti immoo mala xiinxala ragaalee yookaan qorannoo ijoo/seccaatiifi xiinxalli ragaalee bakka itti

geggeeffameedha. Boqonnaan afur immoo cuunfaa, argannoofi yaada furmaataa qabatee kan dhiyaateedha. Qorannoo kanas wanti walfakkeessu qophii raadiyoo irratti geggeefamuu isaati. Garuu garaagarummaa hedduu qabu. kunis qophii aadaafi aartii irratti yoo ta'u. kuni immoo qophii qoraasumaa irratti kan adeemsifameedha. Akkasuma barri isaallee garaagara.

Qorannoon inni biraan immoo Gaaddisaa Roobaati bara 2011 A.L.A mata duree Xiinxala Qabiyyee fi Caasaa Barruuwwan Qophii qilleensarran walhabarruu Raadiyoo Harar jedhuun geggeeffameedha. Qorannoon kunis boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaateedha. Isaanis boqonnaa tokko keessatti seensa /seenduubee qorannichaa yoo ta'u, boqonnaa lama keessatti immoo sakatta'a barruuti. Boqonnaa sadii keessatti immoo bakka xiinxalli ragaalee itti dhiyaateedha. Boqonnaa afur keessatti cuunfaa argannoofi yaada furmaataatu dhiyaate. Qorannoo kanas kan walfakkeessu sagantaa raadiyoo irratti geggeefamuufi haalotanni ittiin geggeeffameedha.

Qorannoon sadaffaan sakatta'ame immoo kan Ermiyaas Tasfaayeen bara 2012 A.L.A mata duree Xiinxala Qabiyyee Qophii Kan Dubbifnerraa jedhuun hojjetameedha.. Qorannoon kunis boqonnaa afuritti qoodame dhiyaate.

Boqonnaa tokko keessatti seenduubee qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, malaawwan qorannichaafi daangaa qorannichaa kan ofkeessaa qabu yoo ta'u, boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkiiti. Sakatta'a barruu yaadrimee keessatti maalummaa raadiyoo, faayidaa raadiyoo, daangaa raadiyoo, maalummaa afaaniifi waan kana fakkaatantu keessatti dhiyaate.

Boqonnaa sadii keessatti seccaatii ragaalee, xiinxala qabiyyee qophii kan dubbisnerraa jedhuufi boqonnaan afur cuunfaafi yaada furmaata qabatee kan dhiyaateedha. Garaagarummaafi tokkummaa qorannoowwan kanaa yoo ilaallu, tokkummaan waraqaawwan qorannoo kanneenii qophiin kun lamaanu qophii raadiyoo tokko fudhachuun irratti kan adeemsifameedha. Sagantaa sana keessaas dhimmoota sagantaa sana irratti dhiyaatan muraasa fudhachuun kan xiinxalameedha. Malli inni ittiin xiinxalames wal fakkeenya kan qabuudha. Mala qorannoo akkamtaatti kan dhimma ba'amee adeemsifameedha. lamaan isaanis boqonnaa afuritti qoodamanii dhiyaatan. Garaagarummaan jeraa immoo qophiileen kun qabiyyeenis ta'ee dhaabbataan garaagara, akkasuma barri qorannoowwan kun itti geggeeffamanis garaagarummaa kan qabuudha.

BOQONNAA SADI: SECCAATII RAGAALLEFI XIINXALA

Boqonnaa kana jelatti ragaalee xiinxaluuf kan dhiyaatan qophii qoraasumaa irratti walitti qabamantu secca'amanii xiinxalamu. Kunis haala lamaan kan mul'ataniidha. Inni duraa yaada qopheessitoota qophii kanaarraa bifa afaaffiifi dookumentiin kan walitti qabameefi yaadi hordofootaa kan qilleensarraa walitti qabameedha. Barreeffamoonni xiinxalaaf fudhataman kanneenuma qophii kana irratti dhiyaatan muraasa isaaniiti isaanis Gaaffilee SMS yookaan Deebii gabaabaa, Afaaniifi Aadaa kudha-lamaa, seenaafi Ji'oogiraafii kudhan, dhimmoota ispoortii saddeet, dhimmoota heera mootummaa kudhan kan ta'antu dhiyaachuun xiinxalamu. kana malees dhimmoonni muraasni kan yeroo tokko tokko dhiyaatan keessatti ni ilaalamu.

3. XIINXALA QABIYYEE QOPHII QORAASUMA

3.1. Hala Hundeeffama Qophii Qoraasumaa

Raadiyoon Itoophiyaa Sagantaan Afaan Oromoo kan eegale bara 1935 A.L.A Magaalaa Finfinnee naannoo Aqaaqii-Silkii bakka jedhamutti. Kunis bara biyyi kun Xaaliyaaniin weeraramte keessaa Xaaliyaaniin hawaasa Oromoo kana ittiin ta'achuuf tootfaa itti gargaaramteedha. Kana jechuun duraan mootummaan Afaan Oromoo akkanni hinguddanne, afaan miidiyaa, afaan barnoota, walumaa galatti akkanni hindubbatamne gochaa tureera. Akkuma beekamu hawaasni Oromoo immoo walakkaa hawaasa biyya Itoophiyaa (hawaasa guddaa, lafaanis bal'aa sabaaf sablammoota biyyaa kanaa kamiiyyu ol-waan ta'eef hawaasa kana yoo qabanne warreen kaanis haala salphaan qabachuu dandeenya kan jedhuuf raadiyoo kana afaan oromoofi afaanota biroon tamsaasuu eegalte. Eega Xaaliyaaniin biyyaa baatee booda, itti fufuu hindandeenye. sababni isaa mootiin Hayileessillaassee aangootti eega deebi'ee bara 1941 akka cufamu godhe.

Kana booda hanga mootummaan Hayileessillaassee aangoorraa bu'ee mootummaan dargii gara aangootti dhufutti carraa argatee itti deebi'e afaan kanaan tamsa'uu hindandeenye

Qophiin Qoraasumaa Raadiyoo Itoophiyaa Sagantaa Afaan Oromoo kun immoo kan eegale bara sadaasa, 2004 A.L.I yoo ta'u gaazexeessaa Taaddasee Dabalee nama jedhamuuni. Qophiin kunis kandhiyaatu torban keessaa guyyaa tokko innis guyyaa Dilbatati. Yeroon tamsaasa qilleessarraa sa'atii tokkoof daqiiqaa shan (1:05) yoo ta'u kunis torban keessaa guyyaa Dilbataa ganama sa'atii

kudha-lamaa hanga sa'atii tokkoof daqiiqaa shanii (12:00-1:05)tti. Garuu sirbootaafi oduu/yeroo oduun walqabatee daqiiqaan dig-damii shan (25) keessaa ba'a/ jeraa kennama, kana jechuun daqiiqaa afurtama (40) qofatti gargaarama/qillensarra oola jechuudha (Afgaaffii Obbo Taaddasaa Dabalee faana geggeefame).

3.2 Haala Dhiyeenya Unka Qophii Qoraasuma

Haalli dhiyeenya qophii kanaa akka qophiilee hojjetamanii qilleensarra oolanii osoo hintaane bifa waliin dubbiitin kan qilleensarra ooluun dhiyaatuudha. Kun immoo barsiisuurra darbuun, hawattummaa qophii kanaa akka dabaluu taasisa.

Kaayyoon qophii kanaa akkuma olitti ibsamuuf yaalametti, hawaasa Oromoo/ dhaggeeffattootaa isaa bohaarsaa yookaan bashannansiisaa, barsiisuudha. Kana keessattis hawaasa Oromoo baadiyyaa jiraatanu yookaan qonnaan bulootaa bu'uura godhatee kan hundeeffameefi kana isaan irratti hundaa'uun qopheeffamuu ta'uu isaati. Qabiyyeen qophii kana irratti tamsa'uuf, qopheeffamanis kan haawasa kana maadaala yookaan fayyada jedhamee yookaan hawaasa baadiyyaa giddugaleessa godhatee kan qopheeffamuudha.

Mata dureewwan qophii kana irratti dhiyaatan mata duree ja'a kan ta'aniidha. garuu akkaataa walitti siqeenya isaatiin walitti fiduun bakka afuritti qoodamee kan dhiyaatuudha. Isaanis Afaaniifi Aadaa, Seenaafi Ji'oogiraafii Ispoortiiifi Heera Mootummaati. Sagantaaleen kun qabiyyeewwa ja'a ofkeessatti haqbatu malee xiyyeeffannoodhaan hundi walqixa miti yookaan walcaalu, xiyyeeffannaan isaa inni guddaan Afaaniifi Aadaadha. Kunis gaafa gaafatamu jalqaba irratti dhiyaata. Dhimmi isaas akkuma maqaasaa dhimma Afaaniifi Aadaa Oromoo qofa irratti kan xiyyeeffatuudha. Itti aansuun, Seenaafi Ji'oogiraafii kan Saba Oromoofi Addunyaa ofkeessatti qabatee dhiyaata.

Dhimmoonni (waantonni) dhiyaatan Kunis bakki isaan argaman/ maddi isaanii maanguddoota, Kitaabota Koreen Waaltina Afaan Oromoo baasaniifi toora Interneetii garaagaraa irraa kan argamaniidha. Duraan garuu kitaabotuma koree waltinaafi maanguddootaa, akkasuma muuxannoo keenyan walqabsiisnee baasaa turre. Adeemsa keessa fedhii dhaggeeffattootaa ilaallee, fedhii saanii guutuuf kanneen interneetii garaagaraa itti daballee. Garuu kana keessattis xiyyeeffannoon keenya inni guddaan seenaa dhaloonni Oromoo har'aa dagataa jiru, kan immoo dagatamuu hinqabne hawaasa kana yaadachiisuu, barsiisuudha. Yookaan gabaabsinee afaaniifi

aadaa, seenaa hawaasa kanaa naannoo, naannootti akka walitti dhufeenya qabaatuufi walta'u gochuu irratti kan xiyyeeffateedha (Afgaaffii Obbo Wandimuufi Taaddasaa faana geggeefame).

3.3. Kaayyoo Qophii Qoraasuma

Akkuma miidiyaa/ sagantaan miidiyaa kaayyoofi galmaa murtaa'e milkeessuuf fedhii hordoftoota garaagara, umrii, hawaasummaa, siyaasa, amantii/ilaalchaafi seenaa adda addaa qabatani qopheeffaman, sagantaan kunisanas, kaayyoo mataa isaa danda'e qaba. Kaayyoon raadiyoo kunis bakka sadiitti walitti qabnee yoo ibsine gaarii ta'a yookaan warreen ijoo ta'an kana kan ofkeessaa qabuudha. Isaanis bashannannuu, barsiisuu, odeeffannoo dabarsuudha (Isaanuma).

3.3.1 Bashannansiisuu

Kaayyoon sagantaa kanaa keessaa tokko bashannansiisuu yoo ta'u innis qophiin kunis bifa gaaffiifi deebiin waan dhiyaatuuf, haala/ gochaa gaafataafi deebisaa gidduu jiru kan nama bohaarsuudha. Sababni isaas fedhiidhaan kan dhaggeeffataniifi itti hirmaatamuudha. Kana jechuun qophiin kun akka qophii hojjietamee qilleensarra ooluu miti, qolleensarratti waliin kan dubbatamu, akkaata namni tokko itti tattaafuraa, dogongoraa,i akkaata ittiin walitti dubbatan, gaaffii walgaafataniifi waliif deebisan gidduutti haalli gaafataafi gaafatamaa, gaaffiin gaafatamuufi deebiin deebi'ullee, dogongorri deebiifi wantonni kana fakkaatan kan nama bashannansiisuudha (Isaanuma).

3.3.2 Barsiisuu

Kaayyoon qophii kanaa inni guddaafi bu'uuraa barsiisuudhaaf kan hundeeffameedha. Kunis akkuma maqaa isarra kaanu, akkuma manni yoo aarii itti aare malee dadhabu, onu, jiguullee danda'u sammun namaas akkuma kana yoo barate malee hojiin ala/ faayidaa malee ta'a jechuudha. Akkasuma Ro'oon yoo qoraafame male Aannan (Baaduu) dhandhama, foolii balleessu sammun namaas qoraafamuu baannaan yaadu nidadhaba, waan hintaane, hinbarbaachifne yaada, ofdagata kan jedhuuf maqaa kana irratti marii goonee, qabiyyee isaan walqabsiisnee Qoraasuma kan jedhu kennineef. Kaayyoon Qophii kanaas hawaasa oromoo kana bashannansiisaa barsiisuudha. Kaninni bu'uura godhatee ka'es, uummanni oromoo hedduun isaa qonnaan bulaa waan ta'eef hawaasa baadiyyaa giddu galeessa godhatee Aadaa, seenaa, Afaan

barsiisuudha, adeemsa keessa haala hordoftootaa ilaaluun Ispoortii, beekumsa waliigalaa/joogiraafiifi Seera itti dabaltee dhiyeessuu eegalle (Isaanuma).

3.4 Qabiyyee Qophii Qoraasuma

Qophiin Qoraasumaa kun qabiyyeewwan wan garaagaraa ja'a kan ofkeessaa qabuudha. Garuu waantota walitti siqanu walitti fiduun akka mijatuutti kan waljela galuu qabu waljela galchuun bakka afuritti qoodnee dhiyeessaina. Isaanis Afaaniifi Aadaa, Ispoortii, beekumsa waliigalaa/joogiraafiifi Seera. Kana malee gaaffiin bu'uura kan Hawaasni kun baruu qabna jennu kan Ergaa gabaabaa/SMS/n gaafannutu jira. Innis xiyyeeffannoon isaa yeroo baayyee seenaa, aadaa dhaloonni kun hinbeekne, kan arraba maanguddootaafi namoota muraasni qofti beekan, kan immo dhaloonni kun beekuu qabu kan ittiin gaafatamuudha (Afgaaffii Obbo Taaddasaa faana geggeefame).

Qabiyyeen Sagataa kana irratti qopheeffamuun qilleensarra oolan akkaataa qabiyyee isaaniitii muraasni isaanii kanneen armaan gadiitti dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

3.4.1 Afaanifi Aadaa

Dhimmoonni Afaaniifi aadaa walqachuun dhiyaatan, akkuma olitti tuqame kan Oromoo irratti xiyyeeffatan qofa malee kan saboota biroo gonkumaayyuu hindabalatu. Dhimmoonni Kunis maddisaanii/bakkisaan argaman maanguddoota, kitaabota dhimma kana irratti barreeffaman kan koreen waaltina afaan oromoo barreessaniidha. Qabiyyeen isaa immoo akkuma maqaa isaarra hubatamu dhimmoota aadaafi afaan oromoo bashannansiisaa barsiisu ofkeessatti qabatee kan dhiyaatuudha. Me kanneen armaan gadii kana akka fakkeenyaatti haxiinxallu.

1. Baatuu baase jecha jedhuuf hiika lama kenni?

Deb. Hinjirree uume, Gara baatuutti geesse

2. Maqaan danboobee jedhu nama attamiif mogga'a?

Deb. Kan amala garraamii qabu.

3. Meeshaa manaa keessaa faayidaa Boojitoo lama himaa.

Deb. Marqaa marquu, Ittoo bilcheessu

4. Ija hinliphsattu (dubartiif) Ija hinliphsatu (dhiiraaf) hiika adda addaa qaba. Maal jechuudha?

Deb. Ija hinliphsattuun- hinsaalfattu, nama hinkabajju

Ija hinliphsatuun- hinsodaatu, Goota

5. Hibboo- laab jetti lambas jetti harkaan nantuqin jetti

Deb. Doobbii (Qophicharra Barreeffamaan).

Kanneen armaan oli kun kan hubachiisu tokkoffaarraa gaafa kaanu dhimma afaaniiti innis baatu baase kan jedhu maal jechuu akka ta'e kan ibsuudha. Baatu baase jechuun waan kanaan dura hinjirre argamsiisuufi gara baha aduutti/bakka baatu jedhamutti geesse/fuudhee deeme kan jedhu agarsiisa. Inni lammaffaanis afaanumaan kan waqabatuudha. Innis maqaan danboobee jedhuu nama akkamiif moggaafamuu kan danda'u kan ibsuudha. Maqaan kunis nama nagaa/ amallisaa gaarii ta'eef kan moggaafamuu ta'uusa ibsa. Inni sadaffaa immoo dhimma aadaadhaan walqabatu,m eeshaa aadaa oromoo kan ittoon ittiin qopheeffamu, maqaan isaa boojjitoo jedhamu maal maal ittiin hojjechuuf akka tajaajilu keessa lama qofa kan gaafatuudha. Innis Ittoo ittiin sochoosuuf/bilcheessuuf, ittiin shorbaa/mooqi shorbuuf, marqaa ittii marquufi kkf ta'uu mala. Inni afuraffaarra jiru immoo afaan barsiisuudha. Innis jechi hinliphsattu/tu dhiiraafi dhalaatti hiika garaagaraa qabaachuu isaa kan mul'isu. maal jechu akka ta'e dhiiraafis dhalaafis adda baasuun kan ibsuudha. Shanaffaarra kan jirus dhimmuma afaaniiti kunis hibboodha. Hibboon immoo oromoo biratti afaan barsiisuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Hibboon kunis afaan barsiisu qofa osoon taane ergaa dabarsullee niqabaata. Hibboon kunis laas jettee lasas jette harkaan nantuqin jette kan jedhuudha. Deebiin isaas biqilaa maqaan isaa doobbii jedhamuudha. Akkuma beekamu doobbin harkaan hintuqamu, yoo tuqame kan nama gubuudha. Kanaan bifa namatti toluufi nama hawwatuun bifa walaloo kan fakkaatun, kan dhiyaatedha.

6. Gan-galatti - Hurgufatti...

Deb. Foksoo

7. Jaartiin maraattee ibidda mataatti baatte.

Deb. Gaayyaa

8. Haati nama caalti, Ilmoon nama nyaatte.

Deb. Qawwee

9. Mammaaksi Horiin bade horii jiruuf barbaadu jedhu maal jechuuf mammaakame?

Deb. Qabeenyi qoosaa miti, warra ofgate akka hintaane

10. Waatiin hootu hinmar'atu" jedhee kan mammaaku eenyu ta'u qaba?

Deb. Nama nyaataa jiru.

11. Dhangaa itti cittuu keessaa, citaa hindhaban, Itti cittu jechuun maali?

Deb. Akka feetee, dhimma dhabellee

12. Mammaaksi jerjera mul'isuuf mammaakame kami?

a, Odoo loon hingalin hattuun mooraa guutte

b, Loon bade loowwan jirutu barbaada

c, Utubaan hamma dhiibaniifi hamma dhiisan qaba

d, Barrisaa oolii allaattii reeffi lafa (Isumarraa).

Dhimmoota armaan olitti dhiyaatan kana yoo ilaallu gangalatti Hurgufatti kan jedhu kun hibboodha, innis afaan barsiisuudhaaf kan dhiyaatedha deebiin isaas foksoon waan ilbiisa xiqqoo kan daaraa keessa gangalattuudha. Inni itti aanu saddeettaffanis hibboodhuma, sagalaffannis iauma. Kanaaf miidiyaan immoo akkuma boqonnaa lama keessatti ibsame afaan tokko guddisuufis ta'ee sammuu qaruuf/ dadammaqsuudhaaf gahee guddaa akka qabuudha. Kunis kanuma barsiisa.

Dhimmi kudhanaffaarra jirus afaanuma /mammaaksa hat'u malee ergaa hawaasa kanaaf kan dabarsuudha, kunis addunyaa irratti iddoo guddaa kan qabu mallaqni qosaa miti haala qoosaatti hinilaalinaa dhimma jedhu kan dabarsuudha. Inni itti aanu immoo naamusa nyaata kan barsiisuudha, kunis akkuma hawaasa kamii hawaasni oromoos aadaa boonsaafi namatti tolu qaba, kana keessattis bifa aartiitiin akka hawaasa kanaatti nyaata haasa'un akka hinbarbaachifne kan

ibsuudha. Inni biraan jecha afaan oromoo galaana ta'e sana barsiisuudha. Inni dhumaa oromoo waanuma hundaaf akkuma afoola mataa isaa qabu mammaaksa nama jerjeruuf mammaakame kan ibsu kamiin akka ta'e kan ibsuudha.

Walumaa galatti dhimmoonni armaan olii kunneen akkuma irraa hubatamu aadaa haawasa oromoo keessa kan ba'e miti, kana jechuun waa'eedhuma hawaasa kana afaaniifi aadaa kan barsiisuudha. kunis hawaasni kun yeroo ammaa kana hawaasni oromoo ofdagachaa, aadaasaa dagacha, afaansaa keessaas jechoota tokko tokko hiika isaa dagachaa jira, kanas kan yaadachiisuu, kan dadammaqsuudha. Kanamalees Afaanillee kan barsiisuudha. Kana jechuunis hibboon afaan, haalaawwan naannoofi waantoota kana fakkaatan kan barsiisuudha. Kanaaf hawaasni kun akka walirraa hinfagaanne kan naannoo garaagaraatti beekamu akka waalt'uun iddoo hundatti beekamu gochaa jira. Kana malees afoolonni kunneen akka hindagatamne dhaloota dhalootatti daddarbu gochaa jira. isa dagate yaadachiisuun isan beekne barsiisuun akka itti fufu gochaa jirachuutu irraa hubatama.

3.4.2 Seenaafi Ji'oogiraafii

Dhimmoonni mata duree kana jelatti dhiyaatan akkuma mata duree isaarraa hubatamu dhimmoota seenaafi Ji'oogiraafii walqabatan kan biyya keenyaafi kan addunyaa qabatee kan dhiyaatuudha. Kunis sababni dhiyaachuu eegaleef fedhii dhaggeeffatootaa ilaallee, hawaasni kun kanas baruu qaba yaada jedhuun adeemsa keessa kan itti dabalameedha malee duraan dhiyaachaa hinturre.

1. Alaabaalee mootummoota naannoolee biyya keenyaa keessaa Alaabaan halluu Gurraacha, diimaa, keelloofi magariisa qabu kan mootummaa naannoo kamiiti?

Deb. Benishaangulgumuz

2. Alaabaa mootummoota naannoolee kan halluu lama lama irraa tolfaman kamiifi kami? Halluu kamiifi kami?

Deb. Tigraayifi Amaaraa Halluu keelloofi diimaa

3. Magaalaan guddoon mootummaa naannoo Affaar maal jedhamti?

Deb. Samaraa

4. Biyya keenya keessatti waqtiileen afurtu waggaa tokko keessatti keessummeeffama. Mee tartiibaan nutti himaa,

Deb. Ganna, Birraa, Bonaafi Arfaasaa

5. Naannolee biyya keenya kan naannoo Oromiyaa waliin daangaa hinqoodanne eenyu ta'a ?

Deb. Tigraayi (Isumarraa).

Dhimmoonni kana keessatti dhiyaatan immoo akkuma olitti tuqame dhimmoota seenaafi Ji'oogiraafii ti. Tokkoffaa irratti kan dhiyaate dhimma Ji'oogiraafiiti kunis alaabaan naannoolee biyya kanaa keessaa alaabaan haalluu gurraacha, diimaa, keelloofi magariisa qabu kan naannoo gambeellaa ta'uu isaa kan beeksisuudha. Inni lammaffaanis Ji'oogiraafii dhumaan kan walqabatuudha. Innis dhimmuma alaabaa naannolee biyya kanaan walqabatee, kan haallu lama lama irraa tolfaman kan Tigraayifi Amaaraa ta'usaa kan beeksisuudha. Inni sadaffaanis Ji'oogiraafii ta'ee magaalaa guddoon naannoo affaar Samaraa akka ta'e barsiisa. Afuraffaanis Ji'oogiraafii yookaan saayinsiidha. Innis akka biyya keenyaatti waqtiileen afur duraa duubaan Ganna, Birraa, Bonaafi Arfaasaa jiraachuu isaa kan barsiisuudha. Shanaffaarra kan jirus Ji'oogiraafiidha. Innis naannolee biyya kanaa keessaa Oromiyaa kan hindaangessine naannoo Tigraayi ta'uu isaa kan ibsuudha.

6. Odaalee Oromoo shanan keessaa kan quxusuu yookiin maan'adha jedhamu odaa kami?

Deb. Odaa Bultum

7. Ka'umsa laga gibee guddichaa Godina kam? Aanaa kami?

Deb. Go. Wallaggaa baha Aanaa Gudayyaa biilaa

8. Paarkiin iddoo argama Arboota biyya keenyaa haadhodha jedhamu paarkii kami? Eessatti argama?

Deb. Paarkii Baabbillee oromiyaafi sumaalee jidduu

9. Biyyoota kanneen keessaa tokko Odoola

a, Malaawwii b, Jibuutii c, Maalii (d,)Madagaskaar e, liibiyaa

10. Meeshaan hoo'a wantootaa ittiin safaran maal jedhama? Safartoon argamuhoo maalif maaliin ibsama.

Deb. Termoometira = Digirii F/N fi D. Ceg (Isumarraa).

Kanneen armaan oli kana keessaa inni jahaffaan dhimma oromoofi oromiyaa irratti yoo ta'u inni adaalee shanan hangafa oromoon qabu keessaa isa kamtu booda/quxusuun odaa Bultum ta'u isaa ibsuudha. Inni itti aanu dhimma Ji'oogiraafiiti innis lagni gibee Ka'umsi isaa gadina wallaggaa baha Aanaa Gudayyaa biilaa keessa ta'uu saa kan barsiisuudha. Inni itti aanus dhimma Ji'oogiraafii ta'ee, paarkii biyyattii kanaa keessaa iddoo argama Arbootaa haadhoodha/hangafa kan ta'e paarkiin Baabbillee oromiyaafi sumaalee jidduutti argamuu isaa hubachiisa. Sagalaffaarra kan jiru biyyi Madagaskaar odoola ta'uu isaa kan ibsuudha. Kan dhumaa immoo meeshaan hoo'a wantootaa ittiin safaran maqaan isaa Termoometira ta'uu isaa ibsa.

Dhimmoonni armaan olii kun hedduunsaa waantootuma biyya keenya/Itoophiyaa keessaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Haata'u malee gaaffileen muraasni kan hawaasa kanaan wal madaalani jechuun nama rakkisa. sababni isaa akkuma beekamu dhiibbaa siyaasaa hawaasa kana irra ga'aa tureen hawaasni kun hedduunsanii barachuu hindandeenye. Kanaaf gaaffilee qophii sagantaa irratti dhiyaatu immoo dhaggeeffattootaa isaa adda baasee kan madaalu ta'uu qaba (Qorataa afaanii)

Mata dureen isaa seenaafi Ji'oogiraafii hajedhu malee gaaffileen achi keessatti dhiyaatan akka muraasni hangi ragaan dookumentiin argame xiinxalamanitti gaaffilee jeraa walhinmadaalu hedduu walgata, akkuma ragaa olitti ibsametti gaaffiin Ji'oogiraafii sgal yoota'u gaaffiin seenaa immoo tokko qofa (gaaffii 6ffaa qofa).

3.4.3. Ispoortii

Dhimmoonni kana jelatti dhiyaatan dhimmoota ispoortii aadaafi ammayyati. Kan aadaa muuxannoofi maaguddoo irraa kan argannu yoo ta'u kan ammayya immoo dhimmoota biyya keessafi addunyaa toora interneetii garaagaraa irraa kan dhiyaatuudha.

1. Dirree kubbaa miilaa irratti ijoolleen uffata addaa uffatanii kubbaa dirree baatee, deebisan maal jedhamu?

Deb. Bool booy

2. Shaapiyoonaan kubbaa miilaa piriimer liigii (liigii biyyoolessaa) Itoophiyaa bara 2006 garee kami?

Deb. Qiddus giyoorgis

3. KAAF fi Fiifaa kamtu kam jelatti bula?

Deb. KAAF tu Fiifaa jala bula

4. Akkaataa seera kubbaa miilaa addunyaatti gareen tokko tapha tokko irratti taphattoota meeqa jijjiiruu danda'a?

Deb. Sadi

5. Dheerinniifi dalgeen dirree kubbaa miilaa qajeelaan kami?

(a)Dheerina 110, dalga 90 b. Dheerina 90, dalga 120 c. Dheerina 100, dalga 60 d. Dheerina 90, dalga 75 (Isumarraa).

As jelatti kan dhiyaatan immoo dhimmoota ispoortii yoo ta'u. Tokkoffaa irratti gosoota kubbaa taphaa keessaa tapha booy bool jedhamu keessatti kubbaan dirreedha yoo baate uffata jijjiratanii ba'a/deemanii deebisu malee uffata ittiin taphatamuun akka hindeebifamne kan ibsuudha. Inni lammaffaan shaapiyoonaan kubbaa miilaa piriimer liigii biyyoolessaa Itoophiyaa bara 2006 Qiddus giyoorgis ta'uu isaa yaadachiisa. Sadaffaan immoo KAAF, Fiifaa jelatti buluu yookaan KAAF Fiifaa hoogganuu KAAF Fiifaa ofjalatti bulchuu isaa kan ibsuudha. Afuraffaan immoo seera kubbaa miilla addunyaa keessatti miidhamaan ala gareen tokko taphataa sadii qofa jijjiiruu isaa hubachiisa. Inni shanaffaan dirreen kubbaa miilaa sirriin/qajeelaan dheerinnii isaa meetira 110fi dalgeen isaa meetira 90 ta'uu isaa kan barsiisuudha.

6. Qabxii (iddoon) kubbaa irra ka'anii peenaaliti rukutan sarara gooliirraa melmeeqa gaafatti?

Deb. Kudha tokko (11)

7. Dirreen Kubbaa miilaa giddugaleessa dheerinnisaa mee 110, dalgeen meet 75 ta'e tokko, walakkaan dirree kanaa kaare meetir iskuweerii meeqa ta'a?

Deb. 4125 meetir iskuweerii (Isumarraa).

Warreen armaan oli kun lamaan immoo dhimmoota kubbaa miilaa irratti yoo ta'u, inni duraa iddoon/bakki kubbaa miilaa yeroo taphatanu iddoo/bakki peenaaliif kubbaa keewwatanii dhiitanu gooliirraa faana/tarkaanfii kudha tokko akka ta'e barsiisaa. Inni itti aanu dirreen kubbaa miilaa keessatti sararri geengoon gidduu meetir iskuweerii 4125 ta'uu beeksisa.

Namoota bilbilaniif, carraan duraa kan kennamuuf gaaffii torbee darbe qabatee hindhufne taanaan, gaaffii afaaniifi aadaati, itti aansee seenaafi Ji'oogiraafii waan ta'eef namoonni/hirmaattonni baayyeen gaaffidhuma duraa kana irratti dadhabuun gara gaaffii isa itti aanuutti darbuu dadhabu. Kanaaf gaaffii ispoortii kana bira ga'uuf yoo xiqqaate gaaffii tokko deebisuun dirqama isaati. Sababni isaas namni gaaffii lama walitti aansee dhabe gaaffii kana irraa waan geggeeffamuuf, yoo danda'e deebisee bilbiluu ta'uu baannaan dhageffachuu qofa carraa qaba.

Qabiyyeen odeeffaannoo ispoortii kanaa jaalaattoota ispoortii kan beeku qabu jedhamee dhiyaatedha. Yeroo ammaa kana ispoortii haawasa addunyaa biratti jaallatumummaa guddaa argachaa dhufeera. Kanaaf hawaasni Kunis odeeffaannoo addunyaa keessa jirtu dhabuu hinqabu kan jedhu mul'isa.

Kana malees hawaasa oromoo biratti ispoortiiin aadaa beekamaadha, kanaaf kan addunyaa qofa osoo hintaane kan aadaallee kan ofkeessaa qabuudha. Kun immoo hawwattummaafi waa'ee dhuma hawaasa kana irratti xiyyeeffachuusa agarsiisa.

3.4.4 Heera Mootummaa

Dhimmoonni kana jelatti dhiyaatan akkuma maqaasarra hubatamu dhimmoota heera mootummaa federaalaa Itoophiyaan walqabatan dubbisuun hawaasa kana fayyada hawaasa kana ilallata, hawaasni kun beeku qaba kan jedhamutu dhiyaata

1. Manneen murtii naannolee sadarkaan ijaaramaniiru. Sadarkaa meeqa qabu?

Deb. Sadarkaa sadii.

1. Mana murtii sad. Iffaa naannoo

2. Mana murtii olaanoo

3. Mana murtii waliigalaa

2. Heerri mootummaa federaalaa labsiidhaan himame labsii heerri ittiin labsame kana mee nutti himaa.

Deb. Labsii lakk. 1/1987 jedhama

3. Akkaataa heera/M/ federaalaa keeyyata 11 lakk. 2 tti Amantiin mootummaa hinjiru jedha. Maal jechuudha?

Deb. Mootummaan Amantii kamiinuu hinhogganamu jechuudha.

4. Heerri mootummaa federaalaa waa'ee Afaanotaa dhimmoota ijoo sadii dubbata. Mee lama nutti himaa.

Deb. Afaanonni biyya keenyaa hundi seera afootti walqixa.

. Amaariffi afaan hojii federaalaa ta'a

. Naannoleen afaan hojii naannoo ofii seeraan murteeffatu

5. Akkaataa heera Mootummaa federaalaa walddhabbiin daangaa naannoolee sadarkaa 2 tti fala argata. Maaliif maali?

Deb.

- Waliigaltee naannoolee dhimmi ilaallatuun

- Mana maree federeeshiniitiin (Qophicharraa Sagaleen)

Kun immoo dhimmoota heera mootummaa biyya keenyaati. Jalqaba irratti manni maree naannoolee sadarkaa sadii, maqaan isaanii: mana murtii naannoo, mana murtii olaanoofi mana murtii waliigalaa jedhamuusaati. Inni lammaffaan heerri mootummaa federaalaa labsiidhaan himame labsii 1/1996 ta'uu isaati. Sadaffaan akka HeeraM/f/Itoophiyaa keeyyata 11 lakk.2 ibsametti mootummaaf amantiin hinjiru jechuun, mootummaan amantiin kamiinuu hogganuu/looguu hinqabu jechuu akka ta'e dha. Afuraffaan Heerri/M/F waa'ee Afaanii

dhimmoota inni dubbatu keessa lama, afaan Amaaraa afaan hojii mootummaa federaalaa akka ta'eefi naannoleen afaan hojii isaanii ofii murteeffachuu kan ibsuudha. Shanaffaan akka heera m/f/I rakkooleen daangaa karaa walii galtee naannoofi karaa mana maree federeeshiniitiinii ta'uu isaa kan barsiisuudha.

6. Fuudhaafi heerumni beekantii seeraa argatu kan bifa 3 n keessaa tokkoon raawatame jedhama. Maalfa'a.

Deb.

- Fuudhaa heeruma mana seeratti raawwatame
- Fuudhaa heeruma akkaataa amantiitti raawwatame
- Fuudhaa heeruma haala aadaatiin raawwatame

7. Lammummaan Itoophiyummaa karaa argamuun keessaa tokko dhiigomaani. Kana jechuun maal jechuudha?

Deb.

- Daa'imni tokko maatiin ishee lamaanuu lammii Itoophiyaa yoo ta'an, yookiin maatii isaa keessa tokko lammii Itoophiyaa yoo ta'e, eessattuu haadhalatu lammuummaa Itoophiyaa niargata.

8. Itti gaafatamummaan miseensota mana maree bakka bu'ootaa eenyuufi?

Deb. Ummataaf, heera mootummaafi sammuusaaniif (Isumarraa).

Isaa kun immoo jahaffaarra kan jiru Fuudhaafi heerumni yeroo geggeeffamu seera qabeessa kan jedhamu karaa sadii akka ta'e innis kan mana seeraatti raawwate, kan karaa amanti raawwatameefi akka aadaatti kangegeeffame ta'uu isaa ibsa. Inni itti aanu dhimma lammuummaa irratti innis lammuummaa dhiigaan kennama jechuun maatiin isee/isaa keessa tokko lammuummaa Itoophiyaa yoo qabaataniidha. Inni dhumaa immoo miseensonni mana maree bakka bu'ootaa, itti gaafatamummaan jeraa ofiif, hawaasaafi heera mootummaatiif akka ta'e ibsa.

Kanneen armaan olitti dhiyaatan kunneen akkuma irraa hubatamu dhimmoota heera mootummaan walqabataniidha. Kan nama hubachiisus akkaatan gaaffileen kun kan itti namatti toluufi nama hawwatuudha. Garuu haata'u male akkuma kaayyoo qophii kanaa jelatti ilaalatti sagantaan kun qonnaan bulaa bu'uura godhatee kan hundeeffameedha. Gaaffiileen kun garuu qonnaan bulaa osoo hintaane namoota barataniin(dubbisuu) danda'aniin yookaan namoota waa'ee seeraa itti siqeenyan kan beekaniidha. Kun immoo kan hubachiisu gaaffiilee kana yeroo hedduu hawaasni kun deebisuu hindanda'an, kanaaf gaaffii kanas dhumarra yookaan afuraffaarra kan buufameedha.k an malees dhimmoonni barbaachisoo ta'an yeroo tokko tokko kan akka qopheessaatti mata dureen beekumsa waliigalaa jedhuufi haala yeroo kan jedhu nidhiyaata. Dhimmoonni dhiyaatanis mata duree beekumsa waliigalaa jelatti

1. "Waan guddaa hubachuudhaaf, milkaa'uudhaaf kufaatii yookaan rakkoo dhufu danda'uun fudhachuudhaaf qophii ta'uu qabda". kan jedhe beektotaafi dureessota armaan gadii keessa eenyu?

Deb.

(a). Biilgeet

b,. Adibaaba

c,. Jeefbeezoos

d,. Zaakluzerbergi

Deb.

2. Beezik Kaantiriis warreen jedhaman biyyoota kami, eenyuun fa'i?

Biraazil, Afriikaa Kibbaa, Hindiyaafi Chaayinaa (Qophicharraa Barreffamaan)

Dhimmoonni kun lamaan garaagarummaa qabu isaanis inni tokkoffaan akkaatan dhiyeenya isaa, dhimmi/ergaansaa beekumsa waliigalaa yoo ta'u, inni lammaffaan garuu Ji'oogiraafii jela galuu nidanda'a/ dhimma Ji'oogiraafiiti ergaansaa.

Inni biraan gaaffiilee haala irratti hundaa'uun qopheeffamuudha. Innis kan bara darbee yoo ilaalle

1. Itoophiyaan ganna lamaan darbe guyyaa tokko qofatti biqiltuu miiliyoona 353 dhaabuun milkaa'uun reekoordii Addunyaa haaraa gonfatteetti : garuu sana dura biyyi guyyaa tokkotti biqiltuu miiliyoona hedduu dhaabuun riikoordii addunyaa qabattee turte eenyu, meeqa?

Deb. Biyya Hindiiti , biqiltuu miiliyoona 300 dha.

2. Akka biyyaatti, keessattuu akka Oromiyaatti gosti biqiltuu dhaabbachaa jiran keessaa qabatamaan yookaan isaan gurguddoon meeqa, isaan kami?

Deb. Gosa afur(4) isaanis;

Biqiltuu kuduraafi muduraa.

Biqiltuu bosonaa

Biqiltuu leemmanaa

Biqiltuu nyaata looniif oolan (Isumarraa).

Kanneen armaan oli kun akkuma tuqamuuf yaalame yeroo hunda kandhiyaatu miti, haaluma yeroo irratti hundaa'eti male, garuu tokkoon oliirra kan hafe isaanuma olii seenaafi Ji'oogiraafii isa jedhame jela galuu nidanda'a.

3.4.5. Ergaa Gabaabaa/SMS/n kandhiyaatu

Akkuma olitti tuqame dhimmoonni asjelatti dhiyaatu kan hawaasni oromoo beeku qaba Jennnudha male cal jedhame/ osoo itti hinyaadamin kan dhiyaatu miti.

1. Gootota oromoo kanneen keessaa kan biyya alaa yookiin biyya alagaatti gootummaa isaa mirkaneesse eenyu?

a. Taaddasaa Birruu

b. Agarii Tulluu

(c.) Abdiisa Aagaa

d. J/ Waaqoo Guutuu

2. Mootummaan naannoo Oromiyaa bara kam hundaa'e, labsii kamiin?

Deb. Bara 1984 tti, labsii lakk. 7/1982

3. Warreen seenaa oromoo qoratan (keessattuu oromoonni) ummata oromoo gosoota 10 tti qoodaniiru. Mee shaniifi isaa olnuuf barreessa

Deb.

a. Boorana b. Guji c. Arsii d. Tuulama e. Macca f. Ituu g. Humbaanna h. Walloo I. Karrayyuu J. Jiille (Isumarraa).

Dhimmoonni kun akkuma mata duree jelatti kaasuuf yaale dhimmoota ergaa gabaabaan dhiyaataniidha. Kunis akkuma olitti ibsame seenaa hawaasa kanaan kan walqabatuudha. Kunis seenaa gootota oromoo, seenaa saba oromoofi kk fakkaatan irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanneen olii kana yoo ilaalles tokkoffaarra kan jiru gootota oromoo keessaa kan biyya alagaatti/ akka addunyaatti gootummaasa mirkaneesse Abdiisaa Aagaa ta'uu isaa kan ibsuudha. Inni itti aanu mootummaan naannoo Oromiyaa bara 1984 labsii 7/1982 akka hundeeffame kan beeksisuudha. Inni sadaffaan immoo warreen seenaa oromoo qoratan uummanni oromoo gosoota 10, isaanis Boorana, Gajii, Arsii, Tuulama, Macca, Ituu, Humbaanna, Walloo, Karrayyuufi Jiilee ta'uu isaan kan hawaasa kana beeksisuudha.

BOQONNAA AFUR:

Boqonnaa kana jelatti yaadota muraasa yookaan cuunfaa, argannoofi yaada furmaata gaabaabinaan kan jelatti dhiyaatudha. Isaanis akka armaan adii kanatti kan dhiyaatanuudh.

4. CUUNFAA ARGANNOOFI YAADA FURMAATA

4.1. CUUNFAA

Qorannoon kun Xiinxala qabiyyee qophii qoraasuma raadiyoo itoophiyaa sagantaa afaan oromoo irratti kan adeemsifameedha. Xiinxala qabiyyee qophii qoraasuma kana keessattis haala waliigalaa sagantichaafi qophiilee sagantaa kanaan qilleensarra oolan muraasa fudhachuun kan xiinxalameedha.

Qorannoo kana galmaan gahuuf boqonnaa tokko keessatti adeemsa garaagaraa keessa darbameera. Kunis seenduubee/Ariirrata qorannichaa ibsuu, Ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannicha, daangaa qoranichafi hanqinni qorannicha keessatti kan ibsameera. Akkasuma galma gahiinsa qorannaa kanaaf ragaaleen adda addaa bifa qorannoo afgaaffiifi dookumentii sakatta'uun akka funaanaman ibsameera.

Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkiitu ibsame. Kunis mata dureen qorannoo kanaa sagantaa raadiyoo irratti waan ta'eef maalummaa raadiyoo tamsaasaa, hiika sagantaa raadiyoo, haala dhiyeenya unka sagantaa raadiyoo, xiinxala qabiyyee sagantaa raadiyoo, faayidaa sagantaa raadiyoo, barsiisuu: aadaa, seenaa, bohaarsuu, walitti dhuga uumuu, odeeffaannoo kennuufi sakatta'a barruu walfakkii keessatti qorannoowwan ilaalaman garaagarummaafi tokkummaa qorannoo kana waliin qabantu ilaalame.

Boqonnaa sadii keessatti ragaaleefi odeeffaannoo dhimma sagantichaa irratti walitti qabamantu secca'amanii xiinxalamani dhiyaatan. Ragaaleefi odeeffaannoon isaas kanneen akka haala hundeeffama qophii qoraasuma, haala dhiyeenya unka qophii qoraasumaa, kaayyoo qophii qoraasumafi qabiyyee qophii qoraasuma bifa afgaaffiin walitti qabamuun kan xiinxalamame yoo ta'u, dhimmoonni/qabiyyee qophii sana irratti qilleensarra oolan immoo qophicha hordofuun sagalee waraabuun, dookumentiin walitti qabuun kan secca'amee xiinxalameedha. Boqonnaa afur keessatti immoo cuunfaa, argannoofi yaadi furmaata kan keessatti dhiyaataniidha.

Walumaa galatti qorannoon kun sadarkaawwan armaan olii keessa darbee boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaatedha.

4.2. ARGANNOO

Qophiin qoraasuma hawaasa oromoo baadiyyaa jiraatanu giddu galeessa godhatee kan hundeeffame ta'uu isaa qorataan Kun bira ga'eera.

Kaayyoon qophii kana inni guddaan bashannansiisuufi barsiisuudha. Kaninni barsiisuu aadaa, afaan, seenaafi wkf bu'uura isaati.

Akka hawaasa oromoo baadiyyaa jiraatuutti ganamni yeroo qonnaafi hojiiwwan garaagaraatiif deemu waan ta'eef yeroon tamsaasa qophii kanaa mijataa akka hintaane qorataan kun bira ga'eera.

Yeroofi hennaan qophii kanaa faayidaa qophii kanaan/ kaayyoo qophii kanaan yoo wal bira qabamee madaalamu ga'aa akka hintaane qorataan kun bira ga'eera

Sababa yeroon qophii kanaaf kenname xiqqaachuu irraa kan ka'e hojjettoonni beeksisoota garaagaraa sagantaa kana irratti itti fayyadamaniif gaafatamanii diduun/ dhiisun qopheessitoota kanaa qorataan kun bira ga'eera.

Dhimmoonni qophii kana irratti dhiyaatan, lakkoofsaan/ baay'inni isaanii mataduree mataduree jelatti kan wal hinmadaalle/akka walqixa hintaane qorataan kun bira ga'eera.

Dhimmoonni qophii kana irratti tamsa'uuf/qilleensarra ooluuf qopheeffaman guyyaa tokko dhiyaate/ gaafatamee, yeroo/guyyaa sana kan hindeebine yoo ta'e, torban lama sadi'iif maamiltootaan osoo hindeebi'in yoo ture male, qopheessitoota/ dhiheessitootaan deebiin/ ibsi akka itti hinkennamne qorataan kun bira ga'eera.

Dhimmoonni qophii kana irratti tamsa'an akka walii galaatti kan inni walitti qabamu / maddi isaa maanguddoota, kitaabota koreen waaltina afaan oromoo qopheessaniifi kitaabota garaagaraa akkasuma toora interneetii irraa argamuusa qorataan kun bira ga'eera.

Yeroo tamsaasaa qilleensarraa qophii kanaatti rakkinni ciccitiinsa sagalee/rakkinni bilbilaa jiraachuusafi itti fayyadamni yeroo, dhiheessitootaafi hirmaattota bira jiraachuu qorataan bira ga'eera.

Dhimmoonni sagantaa kana irratti dhiyaatan keessa dhimmoonni haala fayyaatiin walqatan qabiyyee dhimmaa qophii kanaa keessa akka hinjirre qorataan kun bira ga'eera..

Yeroo qilleensarra oolmaa qophii kanaa yeroo maamiltoonni bilbilaan irratti hirmaachuun dhimmoota/gaaffilee torbee, kudharfee deebisuuf kaasan, qopheessaan sababa dookumentiin qindoomina hinqabneef, akka rakkatu qorataan bira ga'eera.

Namoonni yeroo qilleensarraa oolmaa qophii kana bilbilaan hirmaatan, hawaasa kanaan yoo walbira qabamee madaalamu, lakkoofsaan baay'ee muraasa ta'uusa qorataan kun bira ga'eera. Kunis sababa bilbilli dhaabbataa rakkisu ta'uu isaati.

4.3. YAADA FURMAATA

Haala qabatamaa amma lafa jiruun hawaasni oromoo yookaan akka amma mul'atutti galagalli yeroo boqonnaa hawaasichaa yeroo inni maatii waliin walbira taa'uun, bashannanuu barbaadan waan ta'eef qophiin kunis immoo Sagantaa bashannanaa jela waan ta'eef yeroon tamsaasa qilleensarra sagantaa kana galgala osoo ta'ee filatamaadha.

Sagantaan raadiyoo tokko kaayyoosaa akka yaadetti kan galmaan ga'uu kan danda'u yoo qophichaafi yeroon tamsaasa qophichaa walmadaaleedha. Akkasumas beeksisa mataa isaa yoo qabaateedha. Qophiin kun immoo yeroonsaa/ yeroon kennameef gabaabachuu irraa kan ka'e beeksisa argatellee itti fayyadama hinjiru. Kanaaf yeroonsa dabalamuufin beeksisoota argate hundatti fayyadamuu qaba.

Qophiin kun kaayyoo dhaabbateef karaa sirriifi akka barbaadetti galmaan ga'uuf, yeroon qophii kanaaf kenname, itti dabalamee, yeroon tamsaasa qilleensarra oolmaa isaa galgala yeroo maatiin bakka bakkaa walga'ee taa'u, ta'uu qaba. Kana gochuuf immoo, dhaabbatichaafi hojjettoota dhaabbatichaarra hojii eegamuudha. Kunis hoogganaan sagantaa sanaa, hooggaanaan dhaabbatai waliigalaa yeroon qophii kanaa akka dabaluu gaafatee gochuu/gochisiisuu qaba.

Kana malees hojjettoonni sagantaa kanaa yeroo hawaasa kanaaf mijaawu giddu galeessa gochuun gara galgalaa, sa'atii tokko boodatti osoo jijjiranii gaarii ta'a. Ammas dhimmoota fayyaadhaan walqabatan hanga ammaatti qophii kana irratti waan hindhiyaanneef, dhimmi fayyaa immoo hawaasa kanaaf bay'ee barbaachisaadha. Kanaaf gara fuulduraatti dhimmoota

fayyaan walqabatan itti dabaluuun dhiyeessuun, hojii hojjettoota sagantaa kanaa irraa eegamuudha yookaan itti dabaluuun dhiyeessuu qabu.

Qophiileen/dhimmoonni guyyaa tokko qophichaan qilleensarra oolani maamiltootaan deebi argachuu hindandeenye, hanga torbee tokkoo, lamaafi sadi'iitti tursuu dhiisanii, guyyaa dhuma sana/ gaafuma qilleensarra oole gara goolabaa/dhumaarra yeroon deebii itti yaadamee hambifamee, osoo deebiifi ibsi itti kennamee gaarii ta'uun kaayyoosaa/ergaasaas akka hawaasan/galmaan ga'uuf nisalphata.

Yeroo qophiin kun qilleensarra oolu, bilbilli dhaabbatichaa maamiltoota hedduu rakkisu. kana furuuf immoo, yookaan akka bilbilli gahaan jiraatuuf dhaabbanni kun haala mijeesssee, sirreessun hojii hojjettoota yookaan dhaabbata sana irra eegamuudha

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessa .(2019). *AKKAMTAA: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee:
- Edwin, T .(1982). *Program for TV. Radio, and Cable*. Boston: Focalpress.
- Gough, H (ed) .(1982). *The radio program: Planning, Presenting, and Producing*. Kulla Iampur: Shin Art sdn.
- Kashlev, Y .(1983). *The mass media and international relations*. Prague: The international Organisation of journalist.
- Kenea Lammi .(2009). "*The contribution of afan oromo radio for standardisation of Afan oromo*". Addis Ababa university school of journalism communication, under Graduate Division. (Unpublished).
- Leiss, Well .(2005). *Social Communication in Advertising: Consumption in The media Market Place* (3nd ed.). New York: Rotledge.
- McQuilt, D .(1994). *Mass Communication Theory: An Introduction* (3and ed). London Sage Publication.
- Population Media Center .(2006). *Ethiopia Mass Media profile*. Addis Ababa Ethiopia: Population Media Center.
- Shaughnessy, O .(1999). *Media and society*. New York: Oxford University Press.
- Terry, R .(1996). *Mass Media Dictionary*. Lilowood: NTC'S Press.
- Wimmes and Dominick, J .(1999). *Mass Media and communication*. New York: Oxford university press.

Dabalee A

Gaaffilee Qorataa Afaaniin odeef-kennitootaaf dhiyaatan

1. Raadiyoon Itoophiyaa sagantaa afaan oromoo bara kam eegale?
2. Qophiin qoraasuma bara kam eegale?
3. Maalif qoraasuma jedhame?
4. Kaayyoon qophii qoraasuma maali?
5. Dhimmoonni qophii kana irratti dhiyaatan eessaa argamu?
6. Qabiyyeen qophii kanaa maal maali?
7. Hennaafi yeroon qophii kanaa yoomi?
8. Hennaafi yeroon qophii kanaa ga'aadha jettanii yaaddu?
9. Dhimmoonni qophii kana irratti qilleensarra ooluuf qopheeffaman osoo hindhumin moo dhumee xumurama yeroon qophii kanaa?

Dabalee B

Qaamota Qorataa Afaaniif Odeeffaannoo/ Deebii kennan.

Maqaa

Gahee Hojii

Taaddasaa Dabalee - Hundeessaafi Qopheessaa qophii qoraasumaa

Geetachoo Tafarraa - Daayrikteeraafi Qopheessaa qophii qoraasumaa

Wandimuu Biraanuu - Qopheessaa qophii qoraasumaa

Dabalee C

Barreefamoota Afaan Maddaa

Radio is undoubtedly the most important medium in Africa. Illiteracy and distribution problems mean that newspaper is unavailable to the most majority of the population. Similarly, TV is beyond the financial means of most people and national TV service often does not exist to rural areas where much of population live.

Radio is blind medium but one which can stimulate the imagination so that as soon as a voice comes out of the loud speaker the listener attempts to visualize what he hears and to create in the mind's eye the owner of the voice.

The transmission of values is a subtle but nonetheless important function of the media. It has also been called the socialization function.

Radio stations require controls of money management of personal coordinations of activities and application of authority. To accomplish all of these tasks a well defined organizational structure characterized by specialization, division of labor and focused areas of responsibility is necessary. An important factor that characterizes the radio is the presence of multiple gate keepers. A gate keeper is any person or group of person who has control over what material eventually reaches the public.

Radio has no boundaries, books and magazines can be stopped at national frontiers but radio is not respecter of territorial limits. Its signals mountain barriers and cross ocean deeps.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaa qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuuniversiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootii mirkaneessa.

Maqaa Qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Maqaa Gorsaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____